



Faayidaan Fooyyessa Dinagdee Gooroo bu'aa dhaloota egereetiif argamsiisuun xiinxalamuu qaba

Fooyyessi dinagdee mandhalee guddina dinagdee biyyaatiif maal gumaachaa jira?

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Guddina dinagdee biyya tokkootiif qabeenyawwan uumamaafi namtolchee akaakuuwwa garagaraa qabaachuu qofa osoo hintaane qabduuwwan seeraa mijatoo ta'an qabaachuun

murteessaadha.

Mootummaan jijjiiramaa mul'ata baroota dheeraa dinagdee milkeessuuf Fooyyessa Dinagdee Mandhalee diriirsee hojjechaa jira. Kanarratti hundaa'uunis imaammanniwwan kallattiinis ta'e alkallattii dinagdee biyyaa waliin hidhata qaban walakkaansaaniin kan fooyya'an yoo ta'u, walakkaansaaniimmoo

yeroo jalqabaaf ba'aniiru.

Fooyyessicha keessatti sektaroota shaniif jechuunis, sektara qonnaa, turizimii, indastirii, teknolojii qunnamtii odeeffannoofi seektara albuudaatiif xiyyeeffannoon addaa kennameera. Haala dinagdee addunyaafi potenshaala biyyaa kan hubate fooyyessichi imaammanni Dinagdee Gooroo akka

Gara fuula 15tti



Ji'oota sadan darbanitti hidhaa haaromsaaf qarshiin miliyoona 271 ol sassaabame

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Ji'oota sadan darbanitti xumura ijaarsa hidhaa haaromsaaf qarshii miliyoona 271 ol sassaabamuu Waajjirri Qindeessaa Ijaarsa Hidhaa Haaromsaa beeksise.

Raawwachiisaan Hojii Paablik Dippiloomaasiifi Qunnamtii Ummataa Waajjirichaa Obbo Solomoon Daani'eel Kibxata darbe Gaazeexaa Bariisaaf akka ibsanitti, ummatni keessaafi alaa ijaarsa hidhaa haaromsaa gara xumuraatti fiduuf tumsa maallaqaa,

Gara fuula 15tti



"Sektarri siviil sarvisii jijjiiramuu baannaan riifoormiiwwan jalqabaman milkeessuun hindanda'amu"

- Doktor Nagarii Leencoo

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Manni Maree Bakka Bu'oota Ummataa walga'ii idilee Sadaasa 10 bara 2017 taa'een Labsii Hojjettoota Mootummaa Federaalaa lakkoofsa 1353/2017 fooyya'ee bahe sagalee

Gara fuula 15tti

Dhamdhamaafi mi'aayina aadaa ofii beeksisuun guddummaa ofii beeksisuudha

-Marqaa daakuu kiiloo giraama 100rraa qophaa'eef dhadhaa kiiloo giraama saddeet

Waasihun Takileetiin

Asallaa: Guyyaa turiizimii akka naannoo Oromiyaatti sadaasa 11 hanga 13 bara 2017tti marsaa 20ffaaf magaalaa Asallaatti kabajameera.

Ayyaanichasababeeffachuundaawwannaan paarkii bineensotaa Dilfaqaar, bakkeewwan seenaqabeessa garagaraafi nyaanniwwan aadaa godinichaa agarsiisaaf dhiyaataniiru.

Qabeenya uumamaa, nyaataafi dhugaatii aadaa Oromiyaan qabdu utubaa dinagdee biyyaa humneessuufi carraa hojii uumuuf shoora olaanaa kan gumaachan ta'uu Hoggantuun Biiroo Aadaafi Turiizimii Naannichaa dubbataniiru.

Hoggantuun biirichaa Aadde Jamiilaa Sinbiruu daawwannaa paarkii Dilfaqaariifi agarsiisa nyaata aadaa Asallaatti dhiyaaterratti haasa'aa taasisaniin qabeenyi



Nyaataafi dhugaatii aadaa Oromoo keessaa

uumamaafi nyaanni aadaa Oromoon qabu dinagdeetti jijjiiramuu qaba jedhan. Qabeenya uumamaafi aadaa qabnu seeraan kunuunsinee galiitti jijjiiruuf hojiin



beeksisuufi daawwachiisuu hojjetamuu akka qabus himu.

Daawwannaa paarkiiwwaniifi iddoowwan Gara fuula 15tti

ODUU



Doktor Tsaggaa Lammaa

Finfinneetti qonni magaalaa bu'aawwan rogawwan maraa argamsiisaa jira

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Finfinneetti horsiisa beeyiladaa dabalatee qonni magaalaa bu'aawwan roga maraa argamsiisaa jiraachuu Hogganaan Giddugaleessa misooma beeyiladaa Bulchiinsa Magaalattii Doktor Tsaggaa Lammaa ibsan.

Doktor Tsaggaa ibsa torbee darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, eegalamuun sagantaa qonna magaalaa qaala'iinsa gatii maqsuu, carraa hojii uumuufi dhiyeessii dabaluufti aadaa hojii gabbisuu keessatti shooraa olaanaa gumaachaa jira. Kanaan dura horsiisa beeyiladaa dabalatee hubannoon qonna magaalaa gadaanaa waan ta'eef horsiisni beeyiladaa daran balfamaa ture. Amma garuu hojii hubannoo uumuu cinatti faayidaan inni argamsiisaa jiru hunda biratti akka jaalatamu taasisa jira.

Magaalaa Finfinneetti killee tokkoofi aannan liitira tokko bituun harkaqaal'eeyyiif daran ulfaataa turuun taatee yeroo dhiyooti jedhanii; xiyyeeffannoo mootummaan qonna magaalaaaf kenneen walqabatee bu'aalee beeyiladaa baay'inaafi qulqullinaan omishuun gabaaf dhiyeessuurraa kan ka'e qaala'iinsa gatii gad buusuun akka danda'ame dubbataniiru.

Akka isaan jedhanitti, kanaan dura aannan dabalatee bu'aalee beeyiladaa daandii fagoo geejibsiifamee Finfinnee galuun ummataaf dhiyaata ture. Ammaan tana hoji dhabdummaa hir'isuufis ta'e omishtummaa dabaluufti maatii lafa xiqqoo qabanirratti akkasumas dargaggoota gurmeessuun gara horsiisa beeyiladaatti waan seenameef Finfinneen dhiyeessii bu'aalee beeyiladaattiin of dandeesseetti. Magaalattiitti kan kana dura carraa hojiif dameen maanufaakchariingii filatamaa ture ammaan tana horsiisni beeyiladaa filmaata jiraattota magaalattii ta'uus ibsaniiru.

Utubaan qonna magaalaa horsiisa beeyiladaa ta'uus ibsani; Finfinneen bakka dhiphinni lafaa jirutti lafa xiqqooratti omishtummaa olaanaan argamuu danda'uu eeraniiru. Bu'aalee beeyiladaa qofa osoo hintaane balfi beeyiladootarraa argamusi xaa'oo omisha kuduraafi muduraaf kan oolu ta'uu dubbataniiru.

Finfinneen bu'aalee beeyiladaan of danda'uu qofa osoo hin taane naannolee biroofuu dhiyeessuuf potenshaala qabdi jedhanii; haa ta'u malee, rakkoon nyaata beeyiladaa hudhaa damichaa ta'uu qeeqaniiru. Mootummaan warshaalee nyaata beeyiladootaa qindeessan dhaabuuf karoora baase kutannoon dafee kan hojiitti hiiku taanaan dameen beeyiladaa qaala'iinsa gatii tasgabbeessuu bira darbee guddina dinagdee keessatti shooraa gudda akka taphatu yaadachiisaniiru.

Imala waggoota shaniifi lamaa bu'aadhaan waa'elchame

Saamraawiit Girmaatiin

Finfinnee: Waggoota ja'a dura qabsoo qarreefi qeerroo akkasumas kan saboota biroottiin dabalamee finiinee ture, sirni hoggansa ADWUI (Adda Dimokraasummaa Warraaqsa Ummattoota Itoophiyaa) akka laamsha'uuf sababa ta'eera.

Sirni walqixxummaa sabootaa waan kabaje fakkaatu garuu keessoosaatti mirga sabootaa cunqursu kun namootuma dhaabicha keessa jiranillee mufachiisaa ture. Ka'umsasaa diddaa maastar pilaanii kan taasise qabsoon qarreefi qeerroo Oromoo, ijoolleen Abbaa Gadaa, ADWUI keessaa didanii mirga ummataasaaniif akka dhaabbatan karaa banera.

Haala kanaan mootummaan ce'umsaa dhaabbate abidda biyyattii keessatti kallattii garagaraan qabatee ture dhaamsuuf humnasa guutuu taasise. Waggaa isaatti Paartii Badhaadhinnaa jechuun caasaa haaraa ta'een waggaa shan har'aa hundaa'e, ilma Abbaa Gadaa Doktor Abiyi Ahmadiin prezdaantii taasifachuun biyya diigamuuf turte baraaruu har'a guddina sadarkaa dinqisiisaarra qaqqabsiisuu seenaan dhugaa baha.

Hundeeffamni Paartii Badhaadhinnaa waggaa shanaffaas sirnoota addaddaatiin bakkeewwan gara garaatti kabajamaa kan jiru yoo ta'u, keessumaa bu'aalee hamma yoonaa argaman yaadachaa, kan fuulduraa karoofachaa kabajamuurratti argama.

Bu'aa hoggansa jijjiiramaa kan taate Magaalaan Shaggaris ayyaana kana sirnoota addaddaa mataduree "Olaantummaa yaadaa badhaadhinna hunda galeessaaf" jedhuun sagantaawwan garagaraatiin kabajameera.

Ittigaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhinnaa Magaalaa Shaggar Obbo Alamaayyoo Tulluu, kabaja ayyaanichaa ilaalchisuun ibsa miidiyaaf kennaniin akka jedhanitti, Paartiin Badhaadhinnaa sababa gaaffiin ummataa barootaaf ture deebii dhabeefi mootummaan jijjiiramaa waan barbaachiseef kan hundaa'eedha. Akkasumas biyya kana keessa mirgi demokraasii sarbamaa tureera, sababoota addaddaatiin gaaga'amni siyaasaa gaggeeffameera, federaalizimii dhugaan dhabamuun, abjuufi seenessa waloo qabaachuu dhabuun jijjiiramaaf sababa ta'eera.

"Jijjiirami dhufuun qofti gaaffiiwwan kanneen hindeebisu. Kanaaf waggaa shanan har'aa qabsoo haqaafi hirmaachisaa taasifameen Paartiin Badhaadhinnaa hundaa'eera. Erga hundaa'ee boodas qormaatawwan



Doktor Tashoomaa Addunyaa

jajjaboo keessatti bu'aawwan onnachiisoo qargamsiiseera. Shaggarittis hundeeffama magaalattii waliin erga hundaa'ee waggoota lama ta'uus paartiifi mootummaa cimaa ijaaruufti hojii bal'aan hojjetameera" jedhu.

Magaalichatti gurmaa'insi mootummaafi paartii hamma sadarkaa godaatti ijaaramuu eeranii, akka mootummaatti kutaalee magaalaa 12, aanaalee 36, zoonii 452, garee misoomaa kuma shaniifi 772 akkasumas, ollaa kuma 24fi 236 ijaaramuu ibsu. Akka paartiittis seeliwwan kuma shaniifi 499, hundee 979 akkasumas miseensa kuma 187fi 167 horachuun danda'amuufi osoo Shaggar hinhundaa'ii baay'inni miscensotaa kuma 65 qofa akka ture eeru.

Hoggansi magaalattii kuma tokkoofi 530 ta'anis fayyadamummaa ummataa mirkaneessuun guddina saffisiisuuf hojii bal'aa hojjetaa jiraachuu himanii, yommuu hundeeffamni waggaa shanaffaa Paartii Badhaadhinnaa kabajamus hojiiilee hojjetamaniifi bu'aalee argaman irratti hubannoo uumuun waan ta'eef sagantaawwan kanneen akka dorgommii ispoortii, gaaffii deebii, marii paanaalii, daawwannaa dirreefi tola ooltummaan ta'uu dubbatu. Bu'uuruma kanaan hojiin hubannoo uumuu hojjetamuufi tola ooltummaan qarshii miliyoona 1.7tti tilaamamu hojjetamuu eeru.

Kantiibaan Magaalaa Shaggar Doktor Tashoomaa Addunyaa gamasaaniin, erga Paartiin Badhaadhinnaa hundeeffamee akka biyyaatti, naannootiifi magaalaa Shaggaritti jijjiiramoonni hedduun mul'achuu kaasanii, keessumaa hojiin siyaasa, misoomsuu, cimsuufi guddisuurratti hojjetame guddina biyyattii hanga sadarkaa idiladdunyaattillee ol kan kaase ta'uu dubbatu.

Akka ibsasaaniitti, paartichi erga aangootti dhufee hawaasa bal'aaf deebii kennuurratti xiyyeeffate hojjetameera. Akka fakkeenyaatti



Obbo Alamaayyoo Tulluu

gaaffii eenyummaa gara Kibbaatti ka'ef deebiin kenname akka agarsiisaatti kan ka'uudha. Paartii biyyaalessaa hundeesuu, dhaabbilee demokraasii kanneen akka Boordii Filannoofi Dhaabbata Mirga Namoomaa cimsuu, nageenya biyyaafi ollaa mirkaneessuun hanga badhaasa Nobelii argachuufaan bu'aalee waggoota shanan darbanitti gama siyaasaan argamaniidha.

Gama dinagdeetiinis hojileen hedduun hojjetamuu kaasanii, namoonni yoo liqii baankii barbaadan baankii qofa deemuun hafe gaba aksiyoonaa ('stock market') keessa galanii haalli liqii itti argatan mijachuu himu. Kana malee dhaabbanni guddaan Garee Investimantii Itoophiyaa ijaamee, mootummaan dinagdee keessa qabeenya horachuun rakkoo biyyaa hiikuu akka danda'u itti agarsiifamuun kanneen muraasa ta'uu himu.

Hundeeffamni magaalaa Shaggaris bu'aa hoggansa jijjiiramaa ta'uu himanii, magaalichaa 'Smart City' taasisuuf dinagdeedhaan cimsuufis caasaa diriirsuun hojii bal'aan hojjetamuu kaasu. Haala kanaan koridariwwan misoomaa saddeet adda baasuun dameewwan addaddaatiin hojjetamuu himanii, Koyyee Faccetti giddugala daldalaa, Galaanitti indastirii, Indoodeetti lojistikii akkasumas Mana Abbichuufi Sulultaatti misoomni magariisaa hojjetamaa jiraachuu akka fakkeenyaatti ibsu.

Akka ibsa kantiibichaatti sektaroota guddoo akka qonnaarratti jijjiiramni olaanaan dhufeera. Qonni gannaa duraan heektaara kuma 40 hincaalle erga Shaggar hundeeffamee heektaara 81 caaleera. Qonna qamadii bonaa heektaara kuma 12 hincaalle gara heektaara kuma 60tti guddisuun danda'ameera. Akka waliigalaatti waggoota gabaabaa kanneen keessatti bu'aalee abdachiisoon mul'ataniiru.

Mootummaan gocha Finxaaleyii balaaleffachaa nageenya lammiileerratti cimsee hojjeta

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Mootummaan Naannoo Oromiyaa gocha gara jabinaa Finxaaleessi Faannoo ummata Darraarratti raawwate cimsee balaaleffachaa nageenya lammiilee eegsisuurratti xiyyeeffannoo addaatiin akka hojjetu beeksise.

Haleellaa Finxaaleessi Faannoo Godina Shawaa Kaabaa, Aanaa Darraatti lammiilee nagaarratti tibbanna raawwate ilaalchisanii Kamisa darbe miidiyaaleef wayita ibsa kennan akka jedhanitti, mootummaan naannichaa gocha gara jabinaa Finxaaleyii Faannoo daangaa darbuun lammiilee nagaarratti fudhatan cimsee ni balaaleffata, nageenya lammiilee tiksuufti olaantummaa seeraa



Obbo Hayiluu Addunyaa

kabachiisuurratti mootummaa federaalaa waliin ta'uun tarkaanfii laalessaa fudhachaa jira.

Humni Finxaaleessaa kun tuffii Sabootaafi

Sablammootaa akkasumas jibba ummata Oromoof qabu mul'isuuf yeroowwan garagaraatti tarkaanfii gara jabinaa lammiilee nagaarratti fudhataa ture. Kanaan dura heeraafi daangaa cabsuun "Abjuu Matakkaal kooti" jedhuun ummata Gumuzirratti gocha gara jabinaa raawwateera. "Ummatuma Amaaraa nan qabsaa'aaf" jedhurrattis akkasuma ummata naannicha keessa jiraatu ummata Aga'uurratti gocha gara jabinaa walfakkaatu raawwateera. Mootummaan Naannoo Oromiyaa gocha gara jabinaa Finxaaleyii kana cimsee balaaleffata.

Haaluma walfakkaatuun humni shororkeessaa Shanees gocha gara jabinaafi rakkoo rogdaneessa ummata Oromoorratti raawwataa jira kan jedhan Obbo Hayiluu; humnootni

Lammiilee walittifiduun tokkummaa sabdaneessummaa cimsuuf guyyaan sabootaa shoora olaanaa qaba

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Guyyaan Sabootaaf, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa lammiilee walitti dhiyeesuudhaan tokkummaa sabdaneessummaa biyyaalessaa cimsuuf shoora olaanaa akka qabu hirmaattotni paanaalii jalbultii ayyaanichaa marsaa 19ffaa sababeeffachuun qophaa'erratti hirmaatan ibsan. Paanaalicha Caffee Oromiyaafi Mana Marii Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetu qopheesse.

Afyaa'iin Caffee Oromiyaa Aade Sa'adaa Abduramaahan paanaalicharratti akka dubbatanitti, Itoophiyaan biyya heddummini tokkummaa walqixxummaarratti hundaa'e keessatti mirkanaa'eedha. Mootummaan biyya ummatashii fakkaatu ijaaruuf mootummaan xiyyeeffannoodhaan hojjechaa jira. Kanaafis, qoodni Sabootaa, Sablammootaafi Ummattootaa biyyattii murteessaadha.

Magaalaan Shaggariifi Finfinneen daangaa bulchiinsaa mataasaanii qabaatanis hawaasa qorqalbii walfakkaatu qabuudha. Fayyadamummaa ummataasaanii mirkaneessuuf waliin hojjechuu tokkummaa sabdaneessummaa cimsaa deemuun



Obbo Geetinnati Tashoomaa

barbaachisaadha.

Afyaa'iin Mana Maree Finfinnee Aade Buzenaa Alkadir gamasaaniin kaayyoon kabaja guyyichaa Saboota, Sablammootaafi Ummattoota gidduutti tokkummaa sabdaneessummaan hundee akka gadfageeffatuu ta'uu ibsaniiru. Kana milkeessuufis bulchiinsa magaalaa Finfinneetti jalqaba baatii Onkoloolessaarraa eegalee taatewwan kutaalee hawaasa



Obbo Guddataa Dabalii

garagaraa hirmaachisan geggeeffamaa turaniiru.

Gaaffiilee misoomaafi dimokraasii taasifameefi bu'aa argame akkasumas qormata mudate bira darbuun sirna federaalizimii mirgaafi bu'aa ummattotaa mirkaneessu hundeesuun danda'ameera. Har'a ammoo walitti dhufeenyaa ummattoota gidduutti cimsuun tokkummaa sabdaneessa hundeen lafa qabsiisuuf kabajamuun guyyichaa

gumaata olaanaa qaba jedhaniiru.

Jiraataa Finfinnee, Kutaa Magaalaa Addis Katamaarraa kan hirmaatan Obbo Geetinnati Tashoomaa akka jedhanitti, tokkummaan Itoophiyummaan waan salphaa miti. Kaleessa tokkummaadhaan diina akkamitti injifatanii birmadummaa biyyaa kabachiisan beekamaadha. Tokkummaa duraan ture kana tokkummaa sabdaneessummaan cimee akka ittifufuuf paanaaliin Saboota, Sablammootaafi Ummattootaa Caffee Oromiyaafi Finfinnee obbolummaafi waliin jireenya jiraattotaarratti hubannoo bal'aa waan uumuuf cimee ittifufuu qaba jedhaniiru.

Jiraataa magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Gafarsa Noonoo, Aanaa Noonnoorraa kan hirmaatan Obbo Guutaa Dabalii gamasaaniin akka jedhanitti, guyyichi kabajamuun saboonni, sablammoooniifi ummatootni duudhaafi safuusaanii eegatanii walhubatanii waliin akka jiraataniif gumaacha olaanaa qaba. Akkuma duudhaafi safuun eegameen abbootiin Gadaafi amantaa nageenya akka labsan taasisuun nageenyiifi tokkummaan biyyaa akka cimuu waan taasisuuf cimee ittifufuu qaba. Hundumtuu bakka jirutti nageenyaasaaf gaheesaa ba'uu akka qabus dhaamaniiru.

Bishooftuutti misoomni koriidarii haaluma karoorfameen raawwatamaa jira

Saamraawit Girmaatiin

Finfinnee: Hojii misooma koriidarii Bishooftuutti hojjetamaa jiruun misoomichi kan uwwisuuf karoorfame kiilomeetira 80.8 marsaa lamaan hiramee hojjetamaa jiru keessaa kiilomeetira 19.4 xumuramuurra kan jiruu fi daandii Asfaaltii kiiloo meetira 24.8 hojjetamaa jiru keessaa kan marsaa duraa kiiloo meetira 14 asfaaltii hafamaa jiraachuu bulchiinsi magaalichaa ibse.

Kantiibaa Itti aantuu Magaalaa Bishooftuu kan ta'an Aade Zaaraa Kadir ibsa torban darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, akka magaalichaatti iddoowwan misoomni koriidarii irratti hojjetamuu qaban 15 adda kan baafaman yoo ta'u, kanneen irratti osoo hojiitti hinseenamiin dura mariin hawaasaa taasifamee hubannoon uumameera. Hoggansi sadarkaan jirus saayitiwwan misoomni kunneen irratti hojjetaman qoqqooddatee karaa ittigaafatamummaa qabuun hogganamaa jira.

Hojiin misooma koriidarii kun daandii asfaaltii, iddoowwan saayikiilii, paarkingii, magariisuu, daandii miilaa, mana fincaanii ummataafi kkf kan qabu ta'uu eeranii; misoomichaan daandiin asfaaltii kiilomeetira 24.8 Magaalaa Bishooftuutti hanga Shaggar, daangaa Galaaniitti marsaawwan lamaan hojjechuuf karoorfamee hanga yoonaa lootiin tokkoffaa kiilomeetira 14 ta'u sadarkaa gariirra jiraachuufi asfaaltii hafamuu eegaluu ibsu. Looitiin lammaffaa eegalamee itti adeemamaa jiraachuu kaasu.

Daandii miilaas akkasuma kiiloo meetira 80.8 hojjechuuf kan qabame yoo ta'u, hanga yoonas daandiin miilaa kiilomeetira 19.4 ta'u xumuramuufi adeemsaarra kan jiru ta'uu, daandiin saayikiilii kiilomeetira 80.8 hojjechuuf karoorfamee hojiinsaa eegaluu addeessu.

Paarkingii konkolaataaf qoppiin saayitii xumuramee hojiirra jiraachuu kan himan

Aade Zaaraan, kunis magaalaa Bishooftuu magaalaa gidduuga turizimii waan ta'eef iddoowwan paarkingiiif oolan 27, bal'ina lafaa heektaara 25 ta'u adda baafamuufi garahojiitti seenamuu himu.

Akkasaan jedhanitti, hojiin biraa xiyyeeffannaadhaan hojjetame ammoo hojii magariisummaan walqabatu yoo ta'u, qarqara daandii bitaafi mirgaa dabalatee biqiltuwwan akaakuwwan garagaraa bosona ta'uu danda'an, abaaboowwan magaalaa miidhagsaniifi margi ganna darbee kaasee dhaabamaniiru. Kanaafis qarqara daandii bitaafi mirgaa heektara 20 ta'u hojjechuuf qabamee heektaara saddeet xumurameera.

Iddoo aara galfannaa misoomsuu, iddoowwan bashannanaa miidhagsuufi gidduu asfaaltii magariisa taasisuun walqabatee bal'inaan hojjetamaa jira. Akka waliigalaatti magariisummaadhaan lafa heektaara 63 ta'u hojjechuuf karoorfameera jedhan.

Misoomni koriidarii kun yommuu hojjetamus carraan hojiis bal'inaan kan uumame yoo ta'u, hanga yoonaa dargaggoonni 520 carraan hojii argachuu kaasanii, hojichi bara 2016 eegalamuufi karoora baranaaf qabame guutummaatti hojiirra oolchuuf saffisaan hojjetamaa jiraachuu himaniiru.

"Hojii kanarraa nan hojjedha jedhanii karoorfannaan hojii kamuu hojjechuun akka danda'amuufi misoomni hawaasa hirmaachise bu'aaqabeessa ta'uun hubatameera. Gama biqiltuu kunuunsuutiinis hawaasni abbummaadhaan akka kunuunsuuf ittigaafatamummaan kennamuufi kaka'umsi hawaasaa, hoggansaafi qaamoleen hojicharratti hirmaatanis kan dinqisifatamuudha" jedhu.

Misoomni koriidarii kun kutaa magaalaa 3'n, aanaalee 10 kan hammatu ta'uus Aade Zahaaraan kaasanii, milkaa'ina hojichaatiifis deeggarsi hawaasaafi qaamolee dhimmamtootaa cimee akka ittifufuu waamicha dhiheessu.



Hoggantoonni sektaroota shananii wayita sanada waliigaltichaa mallatteessanitti

Galmeessi Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaa imala dinagdee dijitaalaa Itoophiyaa milkeessuu keessatti gahee olaanaa qaba

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Waraqaan Eenyummaa Biyyaalessaa erga addunyaarratti hojiirra ooluu jalqabee waggoota hedduu lakkoofsiseera. Itoophiyaa, Filiippiinsiifi Hindi biyyoota addunyaa Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaa hojiirra oolchuun sadarkaa duraarratti eeramaniidha.

Biyyoota Afrikaa keessaa ammoo kanneen akka Gaanaa, Ruwaandaa, Afrikaa Kibbaa erga Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaa hojiirra oolchanii turaniiru. Itoophiyaan hojiirra oolmaa waraqaa eenyummaa kana turtee kan jalqabde ta'us jijjiirama guddaa galmeessisaa jirti.

Sagantaan Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaa sirna waraqaa eenyummaa dijitaalaa guutummaa biyyattiitti hojiirra oolchuuf hojjechaa jira. Sagantichi ALA bara 2021 Waajjira Ministira Muummee Itoophiyaa jalatti hundaa'e. Galmeessi Waraqaa Eenyummaa Faayidaa guutummaa biyyattiitti adeemsifamaa kan jiru ta'us bal'inaan hojiirra oolaa kan jiru Finfinneetti.

Yeroo ammaa akka biyyaatti namoonni miliyoona 10 ol fayyadamtoota waraqaa

eenyummaa Faayidaa ta'aniiru. Waggoota sadii keessatti lammiileen miliyoona 90 ta'an waraqaa eenyummaa kana akka argatan gochuuf karoorfamee hojjetamaa jiraachuu Sagantaan Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaa beeksiseera.

Sagantaan Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaa hojii galmeessa Waraqaa Eenyummaa Faayidaa milkeessuuf kanaan dura Ejensii Galmeessa Siviliifi Tajaajila Jiraattummaa Finfinnee waliin hojjechaa kan ture yoo ta'u, torban kana ammoo Biirroo Misooma Innoveeshiniifi Teknolojii Finfinnee, Inistiitiyuutii Artifiishaal Intalajansii Itoophiyaafi Bulchiinsi Saaphana Odeeffannoo waraqaa eenyummaa biyyaalessaafi waraqaa eenyummaa jiraattummaa dijitaalaa galmeessuurratti waliin hojjechuuf sanada waliigalte mallatteessaniiru.

Hojraawachiisaan Sagantaa Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaa Obbo Yodaahaa Arayaasillaasee akka jedhanitti, waajjirichi galmeessa waraqaa eenyummaa kana milkeessuuf Ejensii Galmeessa Siiviliifi Tajaajila Jiraattummaa Finfinnee waliin hojjechaa jira. Galmeessi Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaa hojmaatni

Gara fuula 19tti

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Sadaasa 14 Bara 2017



**“Walleen” Jirra Jirraa”
Artisti Haacaaluu ani
walaleesse
beekamtii koof
bu’uura buuseera”**

- Artisti Sinnishaawu Mul'ataa

fuula **10**

**“Tarkaanfii humna
nageenyaafi dhiibbaa
ummataatiin nageenyi
Oromiyaa fooyya’aa
jira ”**

-Obbo Abarraa Bunoo

fuula **6**



**Turizimii Oromiyaa
waggoota afran
darbanitti**

fuula **12**

KEESSUMMAA BARIISAA

“Tarkaanfii humna nageenyaafi dhiibbaa ummataatiin nageenyi Oromiyaa fooyya’aa jira”

- Obbo Abarraa Bunoo

Bayyanaa Ibraahimiin

Rakkoon nageenya Oromiyaa yeroo tokko fooyya’aa, yeroo kaan immoo boora’aa iddoowwan tokko tokkotti ummanni sababa rakkoo nageenyaatiin nagaan bahee galuu akka hindandeenye, saamicha gara garaatiifis akka saaxilamaa tureefii jiru, ni dhaga’ama. Yeroo ammaa kana immoo murnoonni hidhatanii rakkoo nageenya booreessaa turan kun baay’inaan harka kennachaafi diigamaa waan dhufaniif rakkoon nageenya kunis furamaa jiraachuu mootummaan ibsaa jira.

Ergama hojii nageenya naannichaa mirkaneessuu fudhatee kan hundaa’e Waajjirri Milishaa Oromiyaa immoo hojii kana keessatti shoora guddaa qabu waan ta’eef, Obbo Abarraa Bunoo Ittigaafatamaan Waajjira Milishaa Oromiyaa dhimma kanarratti ibsa akka nuu kennaniif keessummaa taasifanneerra.

Bariisaa: Yeroo hojiidhaaf baadiyyaa Oromiyaa keessa naanna’aa jirtanitti Afgaaffii keenyaaf eeyyamamoo ta’uu keessaniif dursinee isin galateeffanna.

Obbo Abarraa: Homaa miti. Isinis hojiin keenya kun ummata bira akka gahuuf waan ta’eef kunis akkuma qaama hojiitti kan ilaalamuudha.

Bariisaa: Hayyee mee haala nageenya Oromiyaan yeroo ammaa keessa jirturraa haa kaanuu?

Obbo Abarraa: Bareeda. Akka waliigalaatti haala yeroo ammaa nageenyaan walqabatee jiru yoo ilaallu sadarkaa gaarii ta’erra jira jechuun kan nama dandeessisuudha. Kunis akkanumaan kan dhufe osoo hintaane, tarkaanfii olaanaa qaamoleen nageenya eeruu ummataa bu’uura taasifachuudhaan fudhatanii.

Ji’oota muraasa darbanitti murni diinaa hidhatee qe’ee Oromoo keessa naanna’uudhaan nageenya ummataa booreessaa ture yeroo ammaa rukuttaa humna nageenya mootummaa dandamachuu dadhabuudhaan harka kennachuufi baqachuutti jira. Inni achirraa hafe immoo bittinnaa’eera.

Murnoota hidhatanii ummata hiraarsaa turaniifi yeroo ammaa rukuttaa waloo qaamolee nageenya dandamachuu dadhabuudhaan baay’inaan harka kennachaa jiran kanneen mootummaan leenjisee gara hojii isaan barbaadaniitti akka galaniifis haalota mijatoo hedduu uumeera.

Kana qofaa osoo hintaane, dabballeefi seeliin diinaa isaan ijoo ta’aniifi daddabarsitootni loojistikisii diinaa hedduun eeruu ummataatiin saaxilamanii isaan kuun gorsaan gara ummataatti akka deebi’an, warri kana fudhachuu didan immoo to’annoo jala akka oolaniifi tarkaanfii madaalawaan akka irratti fudhatamu taasifamaa jira.

Kanaaf bifa waliigalaatiin yemmuu ilaalamu adeemsi diinni akka duraa sana magaalaafi baadiyyaa naannawa tokkoo to’achuuf taasisaa ture yeroo ammaa bifa amansiisaa ta’een fashalaa’uu danda’eera jechuun ni danda’ama. Abjuun akka durii magaalaa qabachuuf abjoochaa turan sun

amma gara baay’inaan harka kennachuutti deebi’eera.

Gareen diinaa kan humna nageenya mootummaatiin rukutamee bittinnaa’aafi harka kennachaa jiru qofa osoo hintaane, keessoosaattis walwaraansa hamaa keessa kan jiru ta’uun baramera. Inni dur qaamolee nageenya mootummaafi ummata waraanaa ture ammaan tana gara ofiisaatiif keessoosaatti walwaraanuutti akka galu kan taasise immoo fashalaa’uu abjuusaatiifi rukuttaa qindaawaa qaamolee nageenyaatiin irra ga’erraa kan madduudha.

Bariisaa: Torbee darbe keessa ummanni iddoowwan gara garaatti hiriira bahee waldhabdeen jiru araaraan akka goolabamuuf dhiibbaan gochaa ture sun bu’aa akkamii fida jettanii yaaddu?

Obbo Abarraa: Bu’aa guddaa buusaa jira malee. Akkuman duratti sii kaasuuf yaale ji’oota muraasa darbanitti humni waloo nageenya mootummaa naannoo Oromiyaa murnoota naannichatti seeraan ala hidhachuudhaan nageenya ummatichaa booreessaa jiranirratti tarkaanfii laalessaa fudhachaa kan tureefi ammas kan ittifufe yemmuu ta’u, tarkaanfii kun immoo murnoonni diinaa kunniin akka abdi kutaniifi harka kennaniif isaan dirqamsiisaa jira.

Tarkaanfii mootummaan qaamolee kanneenirratti fudhachaa jiru cinatti immoo dhiibbaan hawaasni bal’aan naannichaa karaalee gara garaatiin murnoota kanneenirratti taasisaa jiru akka salphaatti kan ilaalamu miti. Akkuma atu jette torbaanota darbanii yeroo adda addaatti ummanni hiriira bahee qaamolee kanneen balaaleffachuu qofa osoo hintaane, kanneen karaa nagaan filatanii dhiifamaan galuu hinbarbaanne saaxiluudhaan akka qaamotni nageenya mootummaa tarkaanfii barbaachisaa fudhataniif eeruu kennuudhaanis deeggaraa jira.

Osoo dhiibbaan ummata jiraachuu baatee tarkaanfii qaamotni mootummaa fudhatan qofti gahaadha jechuun nama rakkisa. Kanaaf tarkaanfii murnoota hidhatanii bosona Oromiyaa keessa naanna’uudhaan nageenya booreessaa turanirratti humna waloo nageenyaatiin fudhatamu akkuma jirutti ta’ee, dhiibbaan gama ummataatiin



murnoota kanneenirratti taasifamaa jiru injifannoo yeroo ammaa kana mul’achaa jiruuf shoora olaanaa kan bahataniidha.

Fedhii ummataatiin ala wanti dhufu tokkollee hinjiraatu. Kanaaf ummatni murnoota nageenya booreessaa turaniifi jiran gochasaaniirraa kan ka’e jibbee diineffateera jechuun ni danda’ama.

Murnoonni yeroo ammaa baadiyyaa Oromiyaa keessa naanna’uudhaan nagaan ummatichaa booreessaa jiran diina fagoodhaa dhufe osoo hintaane, warreenuma gudeeda ummata kanaa keessaa bahani deebi’anii ummatuma isaan dhalee guddiserratti yakka olaanaa raawwachaa kan jiran waan ta’eef ummatichis jara diineffateera.

Gochi qabatamaan murnoota kanneenii nagaan ummata booreessuu waan ta’eef, ummatichi “Nuti waraana osoo hintaane, nagaan barbaannaa koottaa karaa nagaatiin galaa” jedhee yeroowwan adda addaatti gandoota naannichaa hundatti hiriira bahee gaafachaa tureera. Kanarraa kan ka’e dhiibbaan ummatni naannicha keessa jiraatu murnoota kanarratti taasisaa jiru tarkaanfii gama Milishaa Oromiyaafi humna waloo nageenyaatiin fudhatamaa jiru karaa hedduun deeggaraa jira.

Bariisaa: Mootummaan naannichaas yeroo adda addaatti waamicha nagaan dhiheessaa turuufi jiraachuun ni yaadatama. Ammas rakkoo jiru karaa nagaatiin xumuruuf qophiin gama mootummaatiin jiru maal fakkaata?

Obbo Abarraa: Akkuma beekamu mootummaan yeroo ammaa biyyas ta’e naannicha bulchaa jiru mootummaa

olaantummaa qawwee osoo hintaane, olaantummaa yaadaatti amanuudha. Kana jechuun mootummaa rakkolee sababoota gara garaatiin uumamanii waldhabdee fidan maraaf furmaanni afaan qawwee osoo hintaane, yaadaan walmormanii waliinjifachutti kan amanuufi nageenyaaf iddoo olaanaa kan kennuudha.

Kanarraa kan ka’e, harki nagaan mootummaan diriirse yeroo kamuu kan dacha’u osoo hintaane, qaamolee sababoota gara garaatiin burjaaja’anii dogoggoraan daandii himmalle qabatan yeroo yaada argatanii daandii hamaa sanarraa akka deebi’anii yeroo gahaa kenna tureera. Ammas taanaan murna gara nagaatiin gocha safuufi safeeffannaa ummatichaa hinmadaalle kanarraa deebi’uu barbaaduuf balballi nagaan mootummaa banaadha.

Kutannoo olaantummaa yaadaatti amanuu kanarraa kan ka’e mootummaan jijjiiramaa kun qaamota waggoota hedduuf sababa siyaasaatiin biyyarraa baqatanii turan dirree siyaasaa bal’isuudhaan gara biyyaatti akka deebi’an kan taasiseedha.

Tarkaanfii dhaabbilee siyaasaa sababa dhiphachuu dirree siyaasaa biyyattiitiin abdi kutatanii biyya ormaatti baqatanii turan ilaalcha siyaasaa qaban qabsoo karaa nagaan qofaan yaada qaban ummatatti gurgurachuu akka danda’aniiif yaadamee kan hojjatamaa tureedha.

Kanaaf mootummaan jalqabumarraa olaantummaa yaadaafi mariitti amanu kun haala kanaan kan ittifufuu danda’u yemmuu murnoonni kunniinis daandii hamaarraa deebi’anii gara daandii mariifi olaantummaa yaadaatti deebi’an

“Tarkaanfii humna nageenyaafi ...

qofa. Dirreen siyaasaa olaantummaa yaadaatiif akka bal'atu taasifametti fayyadamanii kanneen jiruufi jireenya hawaasaa booressan, ummata nagaan bahee nagaan galuu dhorkan, qonnaan bulaan qotatee akka hinsassaabbanne ugguran mootummaan cal jedhee kan ilaalu osoo hintaane, olaantummaa seeraa kabachiisuuf nidirqama.

Ummatni dammaqinaan bahee mootummaa kana kan filateef, nagaa nuu eegsisa, nagaan baanee nagaan galla, nagaan baanee qotannee, daldallee akka galluufmootummaan nageenya amansiisaa nuu uuma jedhanii waan abdataniifi. Kana waan ta'eef balballi mootummaa yeroo hundaa mariifi araaraaf banaadha jechuun murnoota karaa kana hinfilanne cal jedhee kan ilaalu osoo hintaane, tarkaanfii barbaachisaa irratti fudhachuuf dirqama seeraatu irra jira jechuudha.

Kanaaf hojiin yeroo ammaa naannoo Oromiyaatti hojjatamaa jirus adeemsuma kana kan hordofu yemmuu ta'u, haaluma kanan murnoota balbala mootummaan karaa nagaatiif banetti fayyadamanii nagaadhaan gara daandii nageenyaatti dhufan simachuudhaan leenjii barbaachisu kenneefii gara hojii filataniitti bobbaasaa jira.

Warreen gaaffii ummataafi mootummaan gara karaa nagaatti akka dhufaniif dhiheessaa jiran fudhachuu didanii ammas hojii nageenya naannichaa booressuu barbaadanirratti immoo tarkaanfii qindaa'aa humna waloo nageenyaatiin irratti fudhatamu cimsee kan ittifufu ta'a jechuudha.

Wanti dagatamuu hinqabne tokko dhiyeenyuma kana Caffee Oromiyaa dabalatee qaamni olaanaan naannichaa karaa ifa ta'een waamicha nagaa murnoota hidhatanii socho'aniif dhiheesseera. Ummannis daangaa hanga daangaatti osoo hinnuffiin irra deddeebiidhaan nageenyi akka bu'uuf waamicha dhiheessuudhaan murnoota kanneenirratti dhiibbaa taasisu cimsee ittifufeera.

Bariisaa: Tarkaanfii hanga ammaatti fudhatameen yeroo ammaa humni murna ABO Shane hangam laafeera?

Obbo Abarraa: Rukutaa qindaa'aa murnicharratti fudhatamaa jirurraa kan ka'e yeroo ammaa diigameera jechuun ni danda'ama. Diigamuu murnichaa karaalee lamaa sadiin ilaaluun kan danda'amu yoo ta'u, inni jalqabaa dhiibbaa ummataa cimaa ta'e, rukutaa humna qindaa'aa nageenya walootiin irratti raawwatamu dandamachuu dadhabuurraa kan ka'eeffii inni dabalataa akkuma beekamu murna kun hanna malee kaayyoo biraa kan hinqabne waan taateef, hattuun immoo kan walddhabdu gaafa hattu osoo hintaane, gaafa waan hatte qooddattu waan ta'eef walddhabdeen keessoosaaniitti uumame diigamuusaaniitiif sababa sadaffaadha jedhanii kaa'uun ni danda'ama.

Kanaaf miseensotni murnichaa rukutaa humna waloo nageenyaarraa hafte gara jaarsolii biyyaatti dheessuudhaan araara kadhachaa jirti. Isaan kaan immoo

“

Qaamni Milishaa kun akkanumaan lafaa ka'ee maqaadhaaf kan ijaarame osoo hintaane, seera militariitiin kan ijaarame, naamusaafi seera miliitarii kan kabajuufi nageenya naannichaa kabachiisuuf immoo wareegama barbaachisu kanfaluuf qophii kan ta'eedha.

”

qaamolee nageenyaa naannawasaaniitti argamanitti dhihaachuudhaan karaa nagaatiin hiriira galanii harka kennachaa jiru. Kanaaf bifa waliigalaatiin yemmuu ilaalamu murna ABO Shane kun yeroo ammaatti diigamaa kan jiruufi bittinnooftee kophaa kophaa asii achitti carraa argattetti fayyadamuudhaan saamicha gara garaatiif kan tattaafatuudha malee gurmaa'ee humna waloo nageenyaa keenya dura dhaabachuu kan danda'uun miti.

Dadhabaafi diigamaa dhufuu garee kanaarraa kan ka'e nageenyiifi tasgabbiin Oromiyaa keessatti mul'achaa ture yeroorraa yerootti fooyya'aa dhufuudhaan ammaan tana haalli nagaa jijjiirama qabu naannichatti uumamaa jira.

Bariisaa: Milishaan Oromiyaa nagaa yeroo ammaa mirkanaa'aa jiru keessatti shoora akkamii bahachaa jira?

Obbo Abarraa: Waajjirri Milishaa

Oromiyaa akka hundaa'uuf jalqabarraa ka'ee mootummaan kan yaadeef dhimmi nageenyaa dhimma murteessaafi ijoo waan hundaa akka ta'e itti amanuudhaani. Qonnaan bulaan, daldalaan, hojjataan naannichaa qaamni kamuu nagaan bahee kan galuu danda'u yoo nageenyi amansiisaan jiraate qofa.

Bakka nageenyi amansiisaan hinjirretti badhaadhinni yaadamus milkaa'uu hindanda'u. Kanaaf naannichatti rakkoon nageenyaa murnoota dirree siyaasaa banameen biyyatti galanii humnaan mootummaa aangoorraa kaasuuf wixxirfataniin akka hinmilkoofneef Waajjirri Milishaa Oromiyaa hundeeffamuun nageenya yeroo ammaa naannichatti mul'achaa jiruuf shoora olaanaa taphachaa jira jedhanii kaa'uun ni danda'ama.

Kanaaf mootummaanis barbaachisummaa waajjira kana hubachuudhaan Caffeedhaaf dhiheesse waajjirri kun labsiidhaan akka ijaaramuuf taasisse.

Kanaaf waajjirri kun erga ijaaramee booda hojii ijoonjalqaba hojjate gandoota Oromiyaa hundatti humna milishaa ijaaru ture. Kunis akkanumaan lafaa ka'amee kan ijaaramu osoo hintaane, istaandaardii mataasaa qopheeffatee haaluma istaandaardichi heeyyamuun humna Milishaa dandeettiin raawwachiistummaasaa yeroo yeroon fooyya'u hundeesuun danda'ameera.

Kana qofa osoo hintaane, Milishaa gandaa gandatti ijaaramee kana keessaa filachuudhaan sadarkaa aanaatti humni nageenyaa cimaa akka ijaaramu taasifameera. Kunis rakkoolee nageenyaa humna Milishaa gandaatii ol ta'an irratti humna waloo nageenyaa waliin ta'ee akka hirmaatuufi furmaata kennuu danda'utti kan ijaarameedha.

Kanaanis sadarkaa gandaa qofaan osoo hindaangeeffamne gara sadarkaa aanaattis guddisuudhaan dhimmoota filatamoo ta'aniifi humna dabalataa barbaadanirrattis ijaaramichi akka cimuu taasisuudhaan godinaalee Oromiyaa hundatti bifuma walfakkaatuun akka diriiruuf haala mijataa uumuudhaan, naannichi rakkoo nageenyaa qaamolee garaa garaatiin uumamu akka dandamatuuf hojii guddaafi bu'uraa hojjatameera.

Akkasumas sadarkaa godinaattis qaamni milishaa karaalee garaa garaatiin filamee sadarkaa komaandooti akka ijaaramu taasifameera. Qaamni kun leenjiiif gahumsa dabalataa kan qabuufi rakkoolee nageenyaa aanaa yookiin ganda tokkotti uumamuu maluuf haala itti si'aayinaan dhaqqabee furmaata hatattamaa kennuu danda'uun kan ijaarame waan ta'eef qaama yeroo gabaabaa keessatti humna diinaa barbadeessuu danda'uudha.

Kanaafuu Waajjirri Milishaa kun erga ijaaramee waggoota sadii ta'us hojiin inni nageenya Oromiyaa mirkaneessuufi qaamolee Milishaa sadarkaa gandaatii hanga godinaatti hundeesuudhaan shoorri taphachaa ture umrii gabaabaa kanaan yemmuu madaalamu hojii guddaa akka ta'etti fudhachuun ni danda'ama.

Kanarraa kan ka'es har'a guutuu Oromiyaatti

humni milishaa sadarkaaalee gara garaatti gurmaa'uu qofa osoo hintaane, humna horatee sadarkaa diina dadhabsiisuudhaan ofiisaatiif immoo humna cimaa fi abdiin nageenyaa naannichaa ta'uu danda'uu horachaa jiru ta'uun hubatamuu qaba.

Qaamni Milishaa kun akkanumaan lafaa ka'ee maqaadhaaf kan ijaarame osoo hintaane, seera militariitiin kan ijaarame, naamusaafi seera miliitarii kan kabajuufi nageenya naannichaa kabachiisuuf immoo wareegama barbaachisu kanfaluuf qophii kan ta'eedha. Qaama nageenya ummataatiif wareegama barbaachisu kanfaluuf manaa bahe kanaaf ummanni hundi deeggarsa barbaachisu taasisuu qaba.

Deeggarsi taasifamu nama miseensa milishaa ta'e sanaaf osoo hintaane, maatii inni manatti dhiisee nageenya ummataatiif manaa bahe gargaaruudhaan ta'uu qaba. Kunis dabareedhaan lafa maatii Milishaa kana qotuufi yeroo midhaan gahetti immoo daboodhaan bahanii midhaan sana walitti qabaniin galchuufiin kan ibsamuudha.

Bifa waliigalaatiin yemmuu ilaalamu, ijaarsi Waajjira Milishaa Oromiyaa kun akkuma mootummaan yaada hundeeffamasaatti amanee labsiidhaan ijaaretti, nageenya naannichaa bira darbee yeroo ammaa abdiin birmadummaa biyyaa ta'aa kan jiru ta'uunsaas hubatamuu qaba.

Qaamni kun humna nageenyaa walootiif akka utubaa guddaatti gargaaraa kan jiruufi nageenya yeroorraa yerootti fooyya'aa jiru kana keessaayyis qooda guddaa akka qabu kaasuu barbaachisaadha.

Bariisaa : Ani gaaffikoo xumuree isin dhaamsa dabalataa yoo qabattan?

Obbo Abarraa: Murtee cimaa fi seenaqabeessa dhiheenya kana mootummaan naannoo Oromiyaa dabarse keessaa inni guddaan caasaa gandaa cimaa umuudha. Murteen kun ummata daka jiru kan aangessuufi bu'uurri waan hundaa gandarra ta'uu qabatamaan kan mirkaneesseedha. Kanaaf yeroo ammaa ijaarsi caasaalee gandaa kun guutuu Oromiyaatti bifa gaarii ta'een diriiree gara hojiitti galeera. Caasaa gandaa kana lafa qabsiisuu keessattis shoorri milishaa gandaa maal akka ta'e ni beekama. Kanaaf gandi cimaa ijaarame kun hariiroo mootummaafi ummata gidduu jiru caalaatti kan cimsuudha.

Ijaarsa misooma ollaarrattis Gaachanni sirnaa gandoota hundatti ijaaramee hojii nageenya ollaa waliin jiraatuu akka mirkanaa'uuf hojii cimaa raawwachaa jira.

Dhaamsikoo inni guddaan ummanni bakka jirutti maatii milishoota dirqamarra jirani akkuma kanaan akka kunuunsu, gargaaruufi waan barbaachisu hunda akkaf guutuuf waamicha dhiheessuun barbaada. Oyiruunsaniin akka lafa hinbaane, daa'imnisaanii akka hinmiidhamne ummanni naannawa sana jiru hundi maatii milishootaatiif birmachuu qaba.

Bariisaa: Yeroo nuu kennitaniif irra deebinee isin galatoomfanna!

Obbo Abarraa: Isinis hojiin keenya ummata bira akka gahuuf waan carraaqaa jirtaniif ulfaadhaa.

Ijoo Dubbii

Harki nagaaf diriire hindachaane

Oromoon gaaddisa mariitiin haqaafi naga buusa; mariifi marabbaanis waldhabdee hiika. Kanaanis jibba balleessee jaalala, waldhabdee hambisee naga, garaa garummaa fageessee tokkummaa fida. Nagaafi tokkummaan, jaalalaafi obbolummaan bu'ura duudhaa ganamaa Oromooti. Oromoon dhibdee hunda Gaaddisatti furata.

Haata'u malee, waan duudhaan ganamaa hir'achaa dhufeeff dhibdee gola Oromoo keessatti uumame furachuura gamaa gamana dhaabachuutti erga ce'amee bubbuleera. Kanaanis nagaan hir'atee walhubachuun mareefi marabbaan abboomamuurratti qormaatu jira.

Mootummaan Naannoo Oromiyaas naga waressuufi misooma ittufufsiisuuf ejjennoo guddicha dhibdeewwan hunda gaaddisatti xumuruu mareefi marabbaanis naga waressuu qabatee humnoota dogoggoraan bosona galaniif harka naga diriirsee balbala naga bance waamicha nagaas irra deddeebiin taasisaa dhufee jira. Ammas balballi nagaaf baname hincufamne harki nagaaf diriire hindachaane. Ummanni Oromoos goleeewwan hundatti nagaaf harka bal'isee waamicha nagaas taasisaa jira.

Kanaanis humni hidhatee dogoggoraan bosona seenee daandii naga filachuun gareefi dhuunfaan galaa jira. Nagaanis qe'ee Oromooti deebi'uu eegaleera. Jalqabbii gaariin kun jajjabeeffamuu qaba.

Namootni dogoggoraan Oromiyaa waraanuu filmaata taasifatanis waamicha ummataa dhaga'uun gaaddisa marii filachuun daandii amansiisaadha. Mootummaan Oromoofi Oromiyaaf ulfina kennuun filannoo daandii naga mirkaneessuuf cichoomina olaanaan hojjechaa jira.

Taate tibbanaatiin walqabatees Mootummaan Naannoo Oromiyaa gocha gara jabinaa Finxaaleyyiin Faannoo ummata Darraarratti raawwatan cimsee balaaleffachaa nageenya lammiilee eegsisuurratti xiyyeeffannoo addaatiin akka hojjetu ibsa kenneen eeerera.

Kanaanis haleellaa Finxaaleyyiin Faannoo Godina Shawaa Kaabaa, Aanaa Darraatti lammiilee nagaarratti tibbanna raawwatan mootummaan naannichaa gocha gara jabinaa daangaa darbuun lammiilee nagaarratti fudhatan cimsee ni balaaleffata. Nageenya lammiilee tiksuufi olaantummaa seeraa kabachiisuurrattis mootummaa federaalaa waliin ta'uun tarkaanfii laalessaa fudhachaa jira.

Humni Finxaaleessaa kun tuffii sabootaafi sablammootaa akkasumas jibba ummata Oromoof qabu mul'isuuf yeroowwan garagaraatti tarkaanfii gara jabinaa lammiilee nagaarratti fudhataa tureera.

Kanaan dura heeraafi daangaa cabsuun "Abjuu Matakkaal kooti" jedhuun ummata Gumuziirratti akkasumas ummata Naannoo Amaaraa keessa jiraatu; Agawurratti gocha gara jabinaa walfakkaatu raawwateera. Mootummaan Naannoo Oromiyaa gocha gara jabinaa finxaaleyyii kana cimsee balaaleffata.

Humni Shororkeessaa Shanes gocha gara jabinaa rakkoo rogdaneessa ummata Oromoorratti raawwataa jira. Murnoonni Finxaaleyyiin kunneen afaanota garagaraa dubbatanis gochaafi maniinsaani tokko. Akeekniisaanii gocha suukanneessaa raawwachuun ummatoota gidduutti walshakkiifi walittiibu'iinsa uumuun gooliidhaan biyya diiguudha.

Finxaaleessi Afaan Oromoos ta'e Amaariffa dubbatu kaayyoonnsaa tokko waan ta'ee mootummaan naannichaa gocha murnoota kanneenii cimsee balaaleffachuu cinaatti mootummaa federaalaa waliin ta'ee tarkaanfii keessa deebii hinqabne ni fudhata, fudhataas jira.

Shaneen murna qonnaan bulaa Oromoo qotachuufi aramachuu, barataa barumsa dhorkuun hiyyummaafi wallaalummaatti deebisuufi tursiisuuf cichee dalaguudha. Murnichi qabeenya saamaa, bu'uraalee misoomaa mancaasaa, ummata ukkaamsaafi ajjeechaa gara jabina gocha finxaaleyyii Faannootiin walfakkaatu Oromoorratti raawwateera. Akka Oromoon meeshaa qabuun diina ofirraa hinqolanneefis meeshaa harkaa saamee ummata naga haleellaaf saaxileera.

Kanaaf mootummaan naannichaa gocha finxaaleyyii kanneenii balaaleffachuu qofa osoo hintaane tarkaanfii olaantummaa seeraa eegale cimsee ittufufa. Finxaaleyyiin afaanota adda addaa dubbataniifi gochaan walfakkaatan kunniin waan ummata kamuu bakka hinbuuneeff ummatni Oromoofi Amaaraa obbolummaasaanii caalaatti cimsachuun murnoota diina waloosaanii ta'an kanneen dhabamsiisuurratti xiyyeeffachuu qabu.

Ejjennoon mootummaa, "Murnoonni kunniin badii dalagaa jiranitti gaabbanii gara nagaatti yoo deebi'an balbala nagaaf baname kan hincufamneefi harki nagaaf diriire hindachaane" jedhus dubbii ijoo dagatamu miti.

Yaada/Ajandaa



Waraqaan Eenyummaa Dijitaalaa waraqaa eenyummaa gandaa bakka hinbu'u

Natsaannat Taaddasaatiin

Itoophiyaatti Sagantaan Waraqaa Eenyummaa Dijitaalaa erga jalqabamee waggaa sadii ta'eera. Hanga ammaatti namoonni miliyoona 10 ol waraqaa eenyummaa kana argachuuf kan galmaa'an yoo ta'u, waggoota sadii keessatti namoota miliyoona 90 galmeessisuuf karoofamee hojjetamaa jira.

Waraqaan eenyummaa lammiileen tajaajila hundagaleessa akka argatan kan taasisu yoo ta'u, daa'ima umurii shanii ol jirurraa kaasee jiraattota biyyattii hundaaf ni kennama. Lammiilee biyya alaati dhufaniifi godaantoni biyyattii keessa jiranis galmaa'anii waraqaa eenyummaa dijitaalaa kana argachuun tajaajilota bu'uraa hundagaleessaa argachuu danda'u. Waraqaan eenyummaa dijitaalaa kun 'Faaydaa' jedhamuun beekama.

Galmeessi waraqaa eenyummaa kun baayoometiriikiidhaan waan hordofamuuf namni tokko yeoo tokkoo ol galmaa'uu hindanda'u. Waraqaan eenyummaa kun lakkoofsawwan addaa abbaa dijiti 12 kan qabu yoo ta'u, lakkoofsi kun erga altokko kennamee yoomiyyuu hinjijjiiramu. Waraqaa eenyummaa dijitaalaa kana waraqaa eenyummaa kaanirraa kan adda godhu daataan baayoometiriikiin fudhatamuufi hordofamuusaati.

Akka Sagantaan Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaa ibsutti, baay'ina ummata Itoophiyaa keessaa %40 kan ta'u waraqaa eenyummaa hinqabu. Kana jechuun lammiileen kunneen dabbara herrega baankiifi siim kaardii baafachuu dabalatee tajaajiloota gara garaa waraqaa eenyummaa qabaachuun kennaman argachaa hinjiran. Lammiilee kunneen tajaajila baankiin, Itiyoo Telekoomiifi kanneen biroo ala gochuun dinagdee biyyattii mirkaneessuun hindanda'amu.

Waraqaan Eenyummaa Dijitaalaa

Faaydaa daa'ima umurii shanii ol jirurraa kaasee lammiilee seeraqabeessaan biyyattii keessa jiraatan hundaaf waan kennamuuf hawaasni bal'aan waraqaa eenyummaa akka argatuufi tajaajiloota bu'uraa hundagaleessa argachuun dinagdee biyyaa utubuu keessatti qooda akka fudhatu kan taasisuudha. Waraqaan eenyummaa kun waggaa 10tti kan haara'u yoo ta'u, lakkoofsisa garuu yoomiyyuu hinjijjiiramu.

Waraqaan Eenyummaa Dijitaalaa Faaydaa waraqaa eenyummaa gandaa bakka hinbu'u. Waraqaan eenyummaa gandaa jiraataa ganda kamii ta'uu qofa ibsa. Waraqaan eenyummaa kun teknolojii baayoomitirik deeggaramuun waan hinkennamneef namoonni waraqaa eenyummaa gandaa tokkoo ol baafachuudhaan yakkoota gara garaa utuu ittiin raawwatani mul'atu.

Galmeen Waraqaan Eenyummaa Dijitaalaa Faaydaa teknolojii baayoometiriikiin waan deeggaramuuf eenyummaa nama tokkoo sirriitti ibsuudhaan yakkoota gara garaa ittisuun dinagdee biyyaa utubuu keessattis gahee guddaa qaba.

Kaayyoon Waraqaan Eenyummaa Dijitaalaa Faaydaa waraqaa eenyummaa biroo bakka bu'uun tajaajiluu otoo hintaane, namoonni tajaajiloota bu'uraa si'ataafi haqaqabeessa akka argatan taasisuudha.

Sagantaan Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaa ALA bara 2021 Waajjira Ministira Muummee Itoophiyaa jalatti hundaa'uun galme waraqaa eenyummaa Dijitaalaa Faaydaa guutummaa biyyattiitti hojiirra oolchuuf hojjechaa jira. Kaayyoo guddaan hundeeffama dhaabbatichaa lammiileen biyyattii eenyummaa seeraa qaban hundi waraqaa eenyummaa kana akka qabaataniifi tajaajiloota hunda hammataa, si'ataafi haqaqabeessa akka argatan taasisuudha. Dhaabbatichi hojii galmeessa waraqaa eenyummaa kana milkeessuuf sektaroota gara garaa waliin hojjechaa jira.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.
Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Piresii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa
Lak.Bilbilaa 011-126-42-08
chhundessa@yahoo.com
email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa
Natsaannat Taaddasaa
Bayyanaa Ibraahim
Waasihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et

Ethiopian Press Agency

AADAIFI AARTII

“Walleen” Jirra Jirraa” Artisti Haacaaluu ani walaleesse beekamtii koof bu’uura buuseera”

- Artisti Sinnishaawu Mul’ataa

Waasihun Takileetiin

Muuziqaan rasaasa mi’aawaa quuqqaafi qeeqa, gaddaafi gammachuu muuxannoofi mudannoo ittiin ibsatan, cunqursaa ittiin waraanan, humna mi’aawaa lafee diinaa cabsu, qabsaa’ota cimsu, ogummaa gadifagoo afoolaan dhaalamu, barnoota qalamaatiin miidhaguudha.

Humni muuziqaa isa rafe dammaqsa, isa cunqurfame onnachiisa, ogummaan kan guutame jechoota qaaliifi walaloo qalbii hawwatuun kan qoraafame ichima hadhaa’aan keessoo buruqfamee itti bahu kennaa afoolaafi ogummaan guutameedha.

Kanneen kennaa kanaaf kennaman ammoo ganamuma kan dhalatan yoo ta’u; kaan walaloofi yeedaloon, kaan walaloon, inni biraa shubbisaan kan hafe uffata aadaatiin faayamee jalaa qabuun dabaalee addunyaa kanatti simboo horuun qalbii kan itti boqochiisan, gaddaafi gammachuu, quuqqa itti ibsatan ogummaa gadifagoofi mi’aawaa ergaa cimaa dabarsuudha.

Miidhagina muuziqaa duuba walaleessaan, yeedaleessaan, shubbistoonni, ogeessoni kaameeraafi gulaaltonni hedduun qooda kan fudhatan yoo ta’u; guddina hawaas dinagdeefi siyaasa biyya tokkoo keessatti shoora olaanaa taphata.

Dubbistootaa barreeffama keenya fuula aadaafi aartii kana keessatti miidhagina wallee Artisti Haacaaluu Hundeessaa “Jirra Jirra” jedhu duuba kan jiru Artisti Sinnishaawu Mul’ataa eenyu? Eessatti dhalatee guddate? Haalli barnootasaa maal fakkaata? Akkamiin asgahe? Gaaffilee jedhaniif deebii argachuuf gaafdeebiin Bariisaan Sinnishaawu waliin taasise akka armaan gadiitti dhiyaateeraa oluma, nooraa.

Godina Shawaa Kibba Lixaa, Aanaa Bachoo Ganda Leencaafi Qashammee jedhamutti dhalatee guddate. Hanga umriinsaa barnootaaf gahutti akkuma nama kamuu hojiilee qonnaa hojjetaafi farda gombisaa maatiisaa tajaajilaa guddachuu turtii Gaazexaa Bariisaa waliin taasiseen nikaasa.

Wayita umriinsaa barumsaaf gahutti Mana Barumsaa Sadarkaa 1ffaa kutaa 1ffaa hanga 6ffaa Mana Barumsaa Kusaayee Leencaa; 7ffaa hanga 8ffaa Mana Barumsaa Fiitaawuraarii Tullu Boolloo; 9ffaa hanga 10ffaa Mana Barumsaa Tajiitti; 11ffaa-12ffaa Mana Barumsaa Sabbataatti baratee Yunivarsitii Finifinneerara Hogbarruufi Fookilooriidhaan digrii jalqabaatiin eebbifameera.

Digrii lammaffaa Yunivarsitii Liid Istaarirraa Liidarshiippiin eebbifameera. Dabalataanis barnoota sarveyiin dippiloomaa waan qabuuf hojiilee ogummaa ijaarsaa gara garaarratti bobba’ee jireenyasaa mo’achuuf hojjechaa ogummaa aartii keessasaa buleefi isa dhikkifatu baasuuf walaloo, ‘Jirra Jirraa’ Artisti Haacaaluu Hundeessaa ittiin beekamuun tokko jedhee jalqabuu danda’eera.

Walaloon Jirra Jirraa Artisti Haacaaluu miidhagsee weellise walaloosaa ciniinfatee kan dhale Artisti Sinnishaawu, hojii gaarii gama kanaan hojjeten Artisti Haacaaluu isa beeksisuu dubbata.



Jirra jirraan walalookooti. Yeedaloon kan Artsiti Haacaaluuti. Yeroon walaloo kana itti barreesse yeroo warraaqsi cimaa itti dhoheedha. Walalichi ergaa gadifagoo waan qabuuf hawaasa dammaqsa, qeerroo onnachiisa. Bu’uuruma kanaan Artisti Haacaaluu Hundeessaa lubbuu itti horee gurra hawaasa addunyaatiin gahee hanga har’aa seenaa addaa ta’ee ittiin waamamaafi leellifamaa jira qaaliin keenya Artisti Haacaaluun.

Walaloo kana Haacaaluuf kennuun koo bu’aa guddaa naa buuseera kan jedhe Artisti Sinnishaawu hojiileen yeroo ammaa hojjetaa jiru akka olka’uuf ummata birattis fudhatamummaa akka argatuuf bu’uura buusuufii kaaseera. Jirra jirraan walaloon barreeffamee waggoota lamaaf isa harka taa’uufi wallee hinta’u jedhamaa turuus ibseera.

Haalli walalichi itti barreeffame haala kanaan dura hinbaratamneen rukuttaansaa walirraa fagoo waan ta’eef wallee hinta’u jedhamaa ture. Booda garuu Artisti Haacaaluun sagaleesaa kiiloleedhaan qoraasee gurraafi qalbiitti miidhagsee weellisuun Jirra Jirraa olkaasee siyaasarra darbee warraaqsa taasise, jijjiiramas itti galmeessisee seenaa hindabarre olkaa’ee darbeera.

Bu’aan wallee Jirra Jirraa guddaadha. Na onnachiisee dirree muuziqaatti naseensiseera. Milkaa’aas jira. Isa kanaafimmoo Artisti Haacaaluu gahee leencaa taphata.

Hojiin Haacaaluun hojjete har’a lubbuu qaba. Dhalootaa dhalootattis darbaafi jajamaa jira. Kanarraa kan ka’e anis cimee hojjetaan jira. Hojiin aartii hojii hirmaannaa ogeessota gara garaatiin deeggaramee miidhagee dhaggeeffatamuudha.

Aartiin meeshaa hundagaleessa ittiin deeggartu, ittiin qeeqxu, quuqqa mudannoofi muuxannoo kee ittiin ibsattu kan hunduu irratti hirmaatu afaan addunyaan ittiin waliigaluudha.

Mi’aayina jechoota qaaliifi yaada ichimamaan

ergaa barbaadame dabarsuuf meeshaan gargaaru muuziqaadha kan jedhe Artisti Sinnishaawu hawaas dinagdee siyaasaafi guddina aartii keessatti qooda guddaa kaffaleera.

Artistoonni keenya hedduun aartii keenya guddisuuf afoola keenya gadi baasanii agarsiisuuf quuqqaafi quuqama lammiisaanii jechoota miidhagoon qoraasanii dhageessisuuf hojii hojjetaniin wareegama qaali kaffalaniiru. Kanaafis kabajni ni malaaf. Nutis faanasaanii hordofnee jijjiiramaaf hojjechuun barbaachisaadha jedha.

Hojiin muuziqaa dhamaatee hedduu qaba. Hirmaannaa qaamota gara garaan dabalamee miidhagfamee dhaggeeffatamuu danda’a. Haata’u garuu galiifi baasii muuziqeessaan argatu madaalawaadha jechuun hindanda’amu.

Haata’u garuu hamileen ummatarraa argamu badhaasa guddaa ta’uus kaasee, hamileen kun waan gahaa hintaaneef muuziqeessaan dinagdeedhaan akka cimuufts seerri bahe hojiirra ooluu qaba.

Beekamtiin karaa Artisti Haacaaluu argadhe kana hojiitti jijjiiruun qaba jedhee hojjetaa, ittiin milkaa’aan jira, beekamtii guddaa argadheera. Bu’uuruma kanaan hojii dhuunfaakoo hojjedhu cinatti muuziqaarratti akkan fuulleffadhu nataassisuun har’a walleewwan qeenxee afur baaseera. Ummata birattis fudhatamummaa guddaa argadheera jedha Sinnishaawu.

Walleewwansaa afran kanneen gurra ummataatiin gahuu kan dandahe Artisti Sinnishaawu albasasaa 1ffaa eebbisiisuuf qophiitti jira. Oromoonis isa waliin dhaabatee akka isa humneessu gaafateera.

Hojii muuziqaa kanaan dura hojjeten walleewwan qeenxee afur akka qabu kan kaase Artisti Sinnishaawu, isaanis “Yaagootakoo, Naxalaa, Biyyakoofi Tibbanammoo Walnyaannaaree” jedhamaniin qalbii namaa keessa seena jira. Dhiyeenya

kana gara dirree muuziqaatti kan makame Sinnishaawu, beekamtii walaloo “Jirra Jirraa” Artisti Haacaaluuf kenneen beekamtii horatee yeroo ammaa Artistii cimaa yeroo kanaa ta’ee hojjetaa jira.

Aartiin Oromoo daran akka guddatuuf kutannaa siyaasaas gaafata. Sababnisaa guddina aartiif tattaaffii muuziqeessaa qofa kan eegnu yoo ta’e waan fagoo deemuu hindandeenyeef mootummaanis ta’e dhaabbileen biroo akkuma qonnaafi damee misoomaa biroo xiyyeeffannoo kennanii hojjetan misooma damee muuziqaa keenyaafis tumsuu qabu erga jedhu dabarseera.

Guddina muuziqaan Oromoo yeroo ammaa irra gahe ilaalchisuun yaada kenneen guddina muuziqaafi baay’ina Oromoo walbira qabnee yoo ilaallu kan walmadaalu waan hintaaneef ammallee hojii guddaan dhalootarraa akka eegamudha kan kaasu.

Baay’ina ummataa qabnuufi sadarkaa muuziqaan keenya yeroo ammaa irra jiru waan walgita hintaaneef hojii guddaatu nu eeggata. Kanaafimmoo hundeeffamni dhaabbilee aartii, manneen barnootaa aartii babal’achuun misoomnisaanii xiyyeeffannoo argachuun daran murteessaadha.

Artistoonni hedduu hojii bareedaa hojjetaniin darbaniiru. Kanneen amma jiranimmoo sanaa olitti hojjechuuf dirqamni seenaa isaan harka akka jiru dagachuu hinqaban.

Akkuma dura ka’e miidhaginaafi rukutaa wallee tokkootti sinboo kan horu keessaa shubbisni isa tokko yoo ta’u; karaa aadaa giddugaleeffateen dabalataanis ammayyumaanis guddataa, barsiifamaafi qoraafamaa deemmuun murteessaadha.

Shubbisni dhiira qofaan, shamarran qofaan darbees walmakaan taasifamu jira. Kunniin marti yoom, eessattiifi attamitti shubbifamuu qabu inni jedhu dagatamuu hinqabu.

Sababnisaa afoolli, aadaan aartiin dhalootatti darbu kamuu duudhaasaa ganamaa dagachuu hinqabu. Oggaan kana jedhu ammayyumaarraa fagaachuu qaba jechuukoo miti. Duudhaa ganamaa giddugaleeffataniin aartii shubbisaa guddisuun guddina muuziqaa keessatti shoora guddaa taphata.

Ittifayyadamni teknolojii muuziqaa keenyaas fooyya’uu qaba. Ga’umsiifi beekumsi aartii hawaasarraa dhaalle akkuma jirutti ta’ee akka barnootaan deeggaramuuf mootummaanillee utubuu qaba. Sababnisaa muuziqaan keenya ciminaan kan irratti hojjetamu taanaan galii guddaa argamsiisuu danda’a. Kanaafimmoo deeggarsi jiraachuun murteessaadha.

Guddina muuziqaan Oromoofi baay’ina Oromoon walqixxeessuuf ammallee qorannoofi qo’annoon irratti gaggeeffamuu qaba. Aartii waraabamee hindhumne qabna. Kana gadi baasnee madda galii gochuun waltajjii addunyaarratti dhiyeessuufi beeksisuun murteessaadha.

Walumaagalatti Artisti Sinnishaawu walaloo wallee “Jirra Jirraa” Artisti Haacaaluu Hundeessaaf kenneen beekamtii argachuu kaasee, hojii gaarii nama boonsu, dhaloota egerefilllee galaa waan ta’uuf guddina aartii Oromoof kutannaa siyaasaafi tattaaffiin artistootaas walirraa cituu akka hinqabne dhaama.

Abbaa Sa'aa

Namoonni agarsiisaafi baazaarii guyyaa sabootaa sababeeffachuun qophaa'erratti hirmaatan maal jedhu?

Natsaannat Taaddasaatiin

Guyyaa Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa 19ffaa Sadaasa 29 bara 2017 kabajamu sababeeffachuun agarsiifnifi baazaariin daldalaa guyyoota shaniif ture Wiixata darbe eegalee hanga kaleessaatti Wiirtuu Agarsiisa Magaalaa Finfinneetti adeemsifameera. Agarsiisicharratti intarpiraayizoonni 150 ol omishaaleesaanii qabatanii argamaniiru.

Agarsiisfniifi baazaarichi qindeessummaa Mana Maree, Biiroo Misooma Industirii, Biiroo Daldalaa, Biiroo Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa, Biiroo Aadaa, Aartiifi Turizimii Mana Maree Daldalaafi Dameeleesaa Magaalaa Finfinneetiin kan qophaa'e yoo ta'u, agarsiisfniifi baazaarichi intarpiraayizoonni muuxannoo akka walirraa qooddatan akkasumas omishaaleesaanii akka beeksifatan taasisuun walitti hidhamiinsa gabaa uumuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu Afyaa'iin Mana Maree Magaalaa Finfinnee, Aadde Buzeenaa Alqaadir himaniiru.

Guyyaan Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa baranaa mataduree "Waliigaltee Biyyaaleessaa Tokkummaa Sabdaneessaaf" jedhuun kan kabajamu ta'uus eeraniiru.

Obbo Yitibaarak Taaddasaa qaroo dhabeessa yoo ta'u, Magaalaa Finfinnee, Kutaa Magaalaa Aqaqii Qaallittii, Aanaa 9 jiraata. Obbo Yitibaarak miseensa Waldaa Leenjii Deebisani Dhaabuu Qarodhabeeyyii Miidhamtoota Qaamaa Hundagaleessa yoo ta'an, waldichi bara mootummaa Hayilasillaasee (bara 1951) kan hundeeffame ta'uufi yeroo ammaa miseensota 100 ol qabaachuu dubbatu.

Waldichi yeroo ammaa afata lafaa, qulqulleessitu, hartuu (buruushii lafaan qulqulleessan), saanduqa, sireefi omishaalee qulqullinaa biroo omishee gabaaf dhiyeessaa jira. Suuqii omishaaleesaanii itti gurguran kan qaban ta'uufi daldaltoonnis omishaaleesaanii irraa bitachaa waan jiraniif haalli gabaas gaariidha. Agarsiisniifi baazaariin qophaa'es omishaalee waldichaa caalaatti beeksisuufi walitti hidhamiinsa gabaa bal'aa uumuu keessatti gahee olaanaa qaba jechuun eeraniiru.

Waldichi utuu deeggarsa barbaachisu argatee kana caalaa omishuu danda'a kan jedhan Obbo Yitibaarak, gatiin galteewwan omishaaf isaan barbaachisaniin daran ol ka'aa waan jiruuf mootummaan waldichaaf deeggarsa barbaachisu akka taasisuuf gaafataniiru.

Waldichi dargaggoota miidhamtoota qaamaa ta'anii bakkawwan gara garaatti kufaniifi kadhatanii jiraatan erga leenjisee booda mindeessuun of danda'anii akka jiraatan taasisaa jira. Waldichi miidhamtoota qaamaa hedduu waan hammateef gama mootummaatiin deeggarsi barbaachisu taasifamuufi akka qabus gaafataniiru.

Miseensoni waldichaa bakkawwa gara garaatii deddeebi'anii waan hojjetaniif sarvisii isaan barbaachisa. Kanaafuu atoobisiin magaalaa Finfinnee miseensota waldichaatiif waraqa eenyummaa bilisaan ittiin socho'an utuu eyyamee gaariidha jedhu.

Leenjii fudhatanii dhaabbiidhaan waldicha



Obbo Yitibaarak Taaddasaa

keessaa hojjechaa jiraachuu kan himan Obbo Yitibaarak, yeroo ammaa galii argataniin maatiisaanii bulchaa jiru. "Hojjechuu nan danda'a jedhanii sammuu ofii amansiifnaan hojii kamuu hojjetanii of jiraachisuun ni danda'ama. Ani qarodhabeessa ta'us akkuma nama qaroo qabuutti geejibaan deddeebi'ee hojjetteen of jiraachisaa jira. Waanti guddaan nan danda'a, nan hojjettha jedhanii sammuu ofii amansiisuudha" jedhu.

Aadde Geexee Fiqree Waldaa Hojii Suphee "Insiraa" jedhamuun gurmaa'anii Finfinnee, kutaa magaalaa Gullallee, naannawa Embaasii Naayjeeriyaatti hojii supheerratti hirmaatanii hojjechaa jiru. Waldichi Waxabajjii 1 bara 2012 miseensota 270n kan hundaa'e yoo ta'u, yeroo ammaa miseensota 302 horachuun namoota 200f ammoo carraa hojii uumeera. Waliigalaan namootni 500 waldicha keessa hojjechaa jiru jechuun dubbatu.

Waldichi bu'aalee suphee hunda qulqullinaafi dizaayinii babbareedaan hojjetee gabaaf dhiyeessaa jiraachuu himanii, namoonni hedduunis supheerraa qodaawwan gara garaa ajajaan hojjechiifachaa jiru. Omishaalee waldichaa suuqii naannawaa hojiitti qabanitti gurguraafi baay'inaan daldaltootaaf dhiyeessaa jiraachuufi haalli gabaa gaarii ta'uu eeru.

Naannawa Godambaa Yaadannoo Injifannoo Adwaattis suuqiin nuu kennameera kan jedhan Aadde Geexeen, waldaan waldaalee 15n bakka tokkotti fiduun hundaa'e kun yeroo ammaa supheerraa omishaalee gara garaa hojjetee gabaaf dhiyeessaa jira. Gurmaa'uun humna waliif ta'uudha jedhu.

Hojii suphee kana waggaa 20 oliif hojjechuun ittiin of jiraachisaa jiraachuu himanii, hojjettoonni waldichaa hedduun hojii supheerratti muuxannoo gahaa waan qabaniif leenjii kenna jiru. Ummannis omishaalee waldichi dhiyeessu baay'inaan bitee ittifayyadamuun akka isaan jajjabeessuuf gaafataniiru.

Agarsiifniifi baazaariin daldalaa akkasii qophaa'uun waldaaleen omishaaleesaanii akka beeksifatanii walittihidhamiinsa gabaa akka uummatan taasisuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu himanii, namoonni meeshaalee biyya alaati galan gatii guddaan bituurra omishaalee biyya keessaa gatii madaala'an bituun waldaalee jajjabeessuu akka qabus dhaamaniiru.

Akka Aadde Geexeen jedhanitti, dur suphee dhahuun akka hojii tuffatamaatti ilaalama. Ilaalchi hojii tuffachuufi filachuu cabuu



Aadde Geexee Fiqree

qaba. Qaanii guddaan hojii malee taa'anii waan nyaatanii bulaniif nama kadhachuudha. Gurmaa'anii hojjechuun guddina nama dhuunfaa, maatiifi biyyaa keessatti gahee guddaa qaba jedhu.

Obbo Diyaaqon Mulaatuu Bontaa Naannoo Itoophiyaa Kibbaa, Godina Gaardullaatti dhalatani guddatan. Akka naannawaasaaniitti Moriingaan (Halakkoon) qoricha utuu hintaane nyaataaf gargaara. Hawaasni naannawichaa baala biqilaa Halakkoo affeelee nyaata. Mukti kun dhalootaa dhalootatti kan darbuufi waggoota dheeraaf kan tajaajiluufi muka dhaloota 11 lakkoofsiserraa fayyadamaa jiraachuu dubbatu.

Akka aadaa naannawa sanaatti dur namni biqilaa Halakkoo (Moriingaa) qe'eesaa keessaa hinqabne durba haasa'atee fuuchuu hindanda'u ture kan jedhan Obbo Diyaaqon, yoo abbaan ilmisa fuudhaaf ga'ee qe'eesaa keessaa biqilaa Halakkoo hinqabaanne dargaggoo kun gara nama biqilaa kana qabuu dhaqee gosasaa jijjiiree fuudha.

Biqilaan kun waan hongee dandamatuuf hawaasa naannawichaa biratti akaakuu nyaataa beekamaadha. Nyaatni Halakkoo dubartiin deesse akka jabaatuufi harmishii sirritti aannan ba'u taasisa jechuun eeraniiru.

Omishni Halakkoo naannawicha qofatti akka nyaataatti tajaajiluun beekamaa ture yeroo ammaa gara godinaalee gara garaatti babal'achuun omishamaafi nyaatarra darbee akka qorichaatti tajaajila kenna jiraachuu kan himan Obbo Diyaaqon, hiriyootasaanii biroo waliin bara 2006 waldaan gurmaa'uudhaan biqilaa Halakkoorraa saamunaafi vaaziliinii hojjechuun akkasumas baala, ijaafi hidda biqilaa kana gabaaf dhiyeessaa jiraachuu dubbatu.

Hawaasni naannawichaa kanaan dura ija biqilaa Halakkoo bishaan calaluuf, hiddasaa ammoo dhibee busaa ittisuuf ittifayyadamaa turuu himanii, yeroo ammaa ija biqilaa kanaarraa zayitii, karameellaafi saamunaan omishamaa jira. Biqilaan kun nyaataaf fayyaduura darbee akka qorichaattis waan tajaajiluuf omishisaa daran babal'achaa dhufeera. Hawaasni naannawichaas oyruufi qe'eesaatti omisha kana babal'isaa jira jechuun himu.

Agarsiisaafi baazaaricharrattis saamunaafi vaaziliinii ija biqilaa Halakkoorraa hojjetame akkasumas baala, hiddaafi ija biqilaa kana qabatanii dhiyaachuu himanii, omishaaleen kunneen nyaatarra darbanii fayyaa keenyaaf daran barbaachisaafi dhibeewwan gara garaa



Obbo Diyaaqon Mulaatuu Bontaa

fayyisuuf kan gargaaran ta'uu ibsu.

Waldichi faayidaa biqilaan kun qabu hawaasa hubachiisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuu himanii, omishaaleen waldichi biqilaa Halakkoorraa hojjetee gabaaf dhiyeessaa jirus dhibeewwan adda addaatiif akka qorichaatti waan gargaaraniif fayyummaa namaaf daran barbaachisoodha. Agarsiifniifi baazaariin akkasii qophaa'uun faayidaa Moriingaan qabu hawaasni akka hubatu taasisuuf walitti hidhamiinsa gabaa uumuu keessatti gahee olaanaa qaba jechuunis dubbatu.

Moriingaan akka nyaata dabalataatti malee akka qorichaatti ilaalamuu hinqabu kan jedhan Obbo Diyaaqon, meeshaalee biqilaa kanarraa hojjetan kanneen akka saamunaafi vaaziliiniittis keemikaalota biroo kan hindaballe ta'uu himu.

Baala Moriingaa daakame akka baala shaayitii danfisani dhuguun, kan hindaakame ammoo akka raafuutti affeelani nyaachuun kan danda'amu yoo ta'u, ijasaa ammoo akka ocholooniitti falfalamee kan nyaatamu ykn daakamee bishaanitti makamee kan dhugamu ta'uu eeru.

Iji biqilaa kana raammoowwan garaa keessa jiran ajjeesuun akka qorichaatti kan tajaajilu ta'uus himanii, ija kana yeroo nyaatan oldeebisuufi teessisuun waan danda'uuf dhuganii manaa ba'uun, akkasumas daa'imman waggaa sagalii gadiifi haadhoolii ulfaaf kennuun hingorfamu jedhu. Kana jechuun ofeeggannoof malee miidhaa qaba jechuu akka hintaanee eeraniiru.

Vaaziliiniifi saamunaan ija biqilaa Halakkoorraa hojjetaman fangasii, foroforii, qaaqee, kintaarotii, madaa, finniisaaf akka qorichaatti ni tajaajilu jedhanii; fayyummaa gogaafi rifeensa mataaf daran kan barbaachisu ta'uus himaniiru.

Omisha moriingaa kana yeroo ammaa gara biyya alaattis erguun jalqabamuufi guddina dinagdee biyyaas utubaa jiraachuu beeksisaniiru. Kanaafuu omisha kana babal'isuurratti xiyyeeffatamee hojjetamuu akka qabu himu.

Walumaagalatti tattaaffii namoonni karaawwan adda addaatiin dinagdeedhaan of danda'anii jirusaanii geggeessuuf taasisaa jiran daran dinqiifachaa, hanqinootaafi yaadota namoonni Bariisaa waliin turtii taasisan kaasanii xiyyeeffannaan kennuun barbaachisaa ta'uu cimsinee ibsuu barbaadna.

Ilaamee...

Turizimii Oromiyaa waggoota afran darbanitti

Saamraawit Girmaatiin

Komishiniin Turizimii Oromiyaa (KTO) erga hundaa'ee waggoota afur kan lakkoofsise yoo ta'u, damee kanarratti jijjiramooni onnachiisoon mul'ataniiru. Ta'us, sababoota addaddaatiin damichi hanga dinagdee biyyaa utubuu qabu utubaa hinjiru. Nutis dhimmoota kanaafi waliigala turizimii Oromiyaa ilaalchisuun komishinari komishinichaa Aadde Lalisee Dhugaa waliin gaafdeebii taasisnee ture.

Akka isaan jedhanitti waggoota afur dura waa'een turizimii hangas mara hinbeekamu ture. Oromiyaan damee kanaan qabeenya hedduu qabaattus, qabeenyi adda bahee, beeksifamee daawwatamuunsaa gadaanaa ture.

Bakkeewwan hawwata turizimii jedhamuun beekamanillee lama sadii kan hincaalle yoo ta'u, keessumaa rakkoo nageenyaatiin walqabateemmo bakkeewwan hedduu gara damichaatti akka hinmakameef sababa ta'era. Gaarreen Baalee, Paarkii Biyyaaleessaa Booranaafi kanneen biroo bakka hawwata turizimii guddicha ta'uu osoo danda'anii hagas mara beekamuullee hindandeenye.

Kana malees turizimii bunaa (Coffee Tourism) biyyoonni hedduu kan ittifayyadaman yoo ta'u, biyyittiitti garuu faayidaa aleergiif oolchuurra darbee turizimii wajjin walqabsiisuuf wanti hojjetame akka hinturre kaasanii, akka fakkeenyaatti gara Oromiyaa lixaa Wallagga, Jimmaa, Iluu Abbaabooriifi Buunoo Beddellee akkasumas gara Gujiifaa yommuu deemamu bakka omisha bunaa guddicha ta'anis turizimii faana walqabsiisuuf hubannoosaallee akka hinjirre dubbatu.

Waggoota afran darban komishinichi erga hundeeffamee as dhimmoota kanneeniif xiyyeeffannaa kennuun keessumaa hojii dhaadheessuufi maarkeetiingii qaamolee dhimmamtoota hojjetameen bu'aa jajjabeessaan dhufuu kaasanii, kunis dargaggooni hojii beeksisuu akkasumas biizinasiiwwan xixiqqoo keessa akka seenan gochuun akka fayyadama miidiyaa hawaasummaasaaniis dabalaa taasisuufi hoteeloonnis dhimmichaaf xiyyeeffannaa akkan kennan taasisuurratti hojii bal'aan hojjetamuu eeru.

Hojii dhaadheessuutiin walqabatee komishinichi miidiyaa hawaasummaafi idileetti daran kan fayyadamu ta'uufi keessattuu namoota miidiyaa hawaasummaarratti hordoftoota hedduu qaban waliin irratti hojjetamuufi wayita ammaa Oromiyaan turizimiidhaan sadarkaa daran fooyya'arra jiraachuu himu.

Yeroo weerara koovidii turistoonni alaa dhufuun daawwatan lakkoofsiisaanii hir'isuu kan himan komishinariittiin, komishinichi jalqabarratti kan irratti xiyyeeffate dargaggoota waliin hojjechuun turizimiin biyya keessaa filannoo isa dursaa akka ta'e adda baasuu ibsu. Kanarrattis muuxannoo biyyoonni Ameerikaafi Chaayinaa qaban fudhachuun irratti hojjetamuufi bu'uuruma kanaan turizimiin biyya keessaa dabaluu fi hundeesaa jabaachuu dubbatu.

Akka ibsa Aadde Laliseetti, turizimiin biyyattii kana dura namoota biyyaa alarraa dhufaniifi gareewwan muraasa dhufanii daawwatan irratti kan hirkate ture.

Lakkoofsi daawwachiiftootaafi namoonni dameesanarratti hojjetanis gadaanaa ture. Amma garuu sun jijjiiramee dameen turizimii damee carraan hojii bal'inaan itti uumamullee ta'era. Baay'inni daawwachiiftoota, hoteelotaa, tajaajila geejibaa kennaniifi hojiileen turizimii waliin walqabatanii hojjetaman yeroodhaa yerootti dabalaa jiru.

“Bu'aa biraan damee kanaan argamemmo, amma Oromiyaa eenyuyyuu kaartaa turizimii keessaa dhabamsiisuu hindanda'u. Dura Oromiyaan turistootaaf akka kooridarii keessa darbuutti fayyadaa ture. Turizimiin biyyattii gara kaabaatti qofa akka jirutti waan beekamuuf namni biyya alaati bakkeewwan sanneen daawwachuu dhufu magaalaa guddittii Oromiyaa, Finfinnee keessa xiyyaaraan ykn konkolaataadhaan qaaxamuuree gara sana deema malee keessa turee daawwatee ykn ilaalee hindeemu. Kallattiwwan biroos yoo ta'e akkanuma” jedhu.

Amma garuu Wancii, Bishooftuufi Shaggar (Gaara Subbaafi Erar) illee bakke hawwata turizimii dhuma torbanii ('weekend destination') ta'uu eegaluu himanii, amma garuu Oromiyaan dorgomaa ta'ee, biyyattiitti turizimiidhaan filatamaa ta'aa jiraachuu dubbatu.

Fakkeenyaaf Daandiin Qilleensaa Itoophiyaa waggaatti imaloota miliyoona 10 ol kan keessummeessu yoo ta'u, kunneenis turtii guyyoota lama sadii Finfinnee yommuu taasifatan Finfinneefi naannawaanshee bakka daawwataman ta'uusaanii kaasu.

Waggoota afran kana keessatti bakkeewwan hawwata turizimii guguddoo illee dabalamu kan kaasan Komishinari tun, akka fakkeenyaatti Boorana yoo fudhanne qabeenya simbirrootaan kan badhaadhe yoo ta'u, kunis dura baay'ee waan hinbeekameef daawwatamaa akka hinturreefi wayita ammaa garuu bakka filatamaa ta'uu danda'uu himu.

Dabalataan hariiroon biyyoota ollaa waliin hojjetame hojii guddaa ta'us eeranii, inni kun Oromiyaarra darbee biyyaafiyyuu bu'aa olaanaa argamsiisaa jiraachuu ibsu. Haala kanaan Keeniyaa, Ugaandaa, Ruwaandaa, Zaanziibaar, Jibuutiifi kanneen biroo waliin hariiroon uumamuu dubbatu.

Akka waliigalaatti yoo ilaalame, waggoota afur dura Oromiyaan qonnaafi albuudaan beekamaa ta'us damee turizimiin garuu beekamaa akka hinturre yaadatani, yeroo ammaa turizimiidhaan dorgomaa ta'uu danda'uu kaasu.

Akka ibsa Aadde Laliseetti, turizimiin Oromiyaa sadarkaa kanaan jijjiramuun Irreechi baranaa haala addaafi miidhagaa ta'een akka kabajamuuf gumaacha taasisa. Kana dura Irreechi dirree siyaasaafi aadaa kan ture yoo ta'u, amma jijjiiramoota hedduu keessa darbuun dirree aadaa ta'era.

Ayyaana aadaa Oromoo qofa osoo hintaane addunyaaf illee feesitivaala guddaa gara ta'uutti adeemaa jira. Kanarraa kan ka'e dhalatoonni lammii Itoophiyaa 2ffaa, diyaaspoora ta'an waamicha Pirezidaantiin Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa fudhachuun akkasumas, lammiileen biyya alaa karaa addaddaa affeeraan taasifameef baay'inaan argamaniiru.

Gama biraatiin turizimiin dinagdee utubuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu eeranii, ta'us waggoota afran darbanitti



Aade Lalisee Dhugaa

akka Oromiyaatti sadarkaa barbaadameen utubeera jechuun akka hindanda'amne himanii, kanaaf immoo sababni ijoon rakkoo nageenyaa ta'uu ibsu. Hojii turizimii komishinichi qofaasaa waan hojjetu osoo hintaane, hirmaannaan ummata bal'aafi miidiyaa murteessaa ta'uu hubachiisu.

Kana jechuun garuu ammayyuu bu'aa fide hinqabu jechuu osoo hintaane, haaluma jiramu keessattillee bu'aa akka fiduuf tattaaffiin taasifamaa jiraachuu himanii, biizinasiiwwan xixiqqaarraa kaasee hanga guddaatti dinagdee akka utubaniif hojjetamaa jiraachuufi Irreechillee qofaasaatti qarshii biliyoonotaan argamsiisuun dinagdee tumsaa jiraachuu dubbatu. Kana malees ayaanooni amantii kanneen akka Qullubbii Gabreel, Dirree Shekanaa Huseen galii argamsiisuun dinagdee utubuu keessatti shoora mataasaanii qabaachuu kaasu.

“Carraa hojii uumuun walqabatees komishinichi waggoota afran darbanitti namoota kuma 110 oliif carraa hojii uumeera. Kana jechuun bakkeewwan hawwata turizimii addaddaa beeksisuun yommuu eegalamu dargaggooni naannawaasaaniitti carraa jiru adda baasuun hojiitti seenuu egalu.

Biiroo Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa wajjin ta'uunis leenjiiwwan garagaraa kan qopheeffaman yoo ta'u, kanarraa ka'uun dargaggooni baay'ee hojiiwwan turizimii wajjin walqabatan irratti hirmaachaa jiru. Kanarra darbees hanga loojiwwaniifi riizoortiiwwan ijaaruuttis kan hirmaatan jiru” jedhu.

Holqa Soof Umar haaromsuufi misoomsuu wajjin walqabatee pirojektii maaddiin biyyaaf jedhuun Ministira Muummeetiin eegalchiifamee waajjirasaaniitiin hordofamaa jiru dhiheenyaatti ni xumurame jedhamee akka eegamuufi kunis carraa hojii bal'aa uumuufi galii olaanaa argamsiisuun damee turizimiif gumaacha olaanaa ta'a

jedhamee akka abdatamu eeru.

Paarkiiwwan 24fi ikkoowwan turizimii 18 waggaa darbe bakka pirezidaantiin naannichaa jiranitti iftooman ilaalchisuun gaaffii kaasneefiif deebii wayita kennan, dhimmichi xiyyeeffannaa akka argatuuf KTO nama kallattiidhaan dhimmicharratti hojjetu sadarkaa komishinara ittaanaatti ramaduu himanii, kanneen qofa osoo hintaane bakkeewwan biroollee akka dabalamaniiif hojjetamaa jiraachuu kaasu.

Kunis gara dinagdeetti akka jijjiiramuuf dargaggoota gurmeessuu, leenjisuufi haalota mijeessuurratti hojiiin hojjetamaa jiraachuufi bakkeewwan rakkoo nageenyaa qabanitti ammoo hawaasni qabeenya naannawaasaa akka kunusuuf hubannoon uumamaa jiraachuu dubbatu.

Kanaan walqabatee karoori qabame bal'aa ta'uu eeranii, kanaaf garuu bu'uuraalee misoomaa babal'isuu, imaammata mijataa qopheessuu, liqaa baankii mijeessuu, dandeettii cimsuufi hojiiilee addaddaa hojjechuun akka barbaachisu himu. Kanaafis kuteenyummaan hoggansa naannichaa olaanaa ta'uun carraa guddaa ta'uu kaasu.

Akka waliigalaatti waggoota afran darban dadammaqqinsi damee turizimiirratti mul'ate jajjabeessaa ta'uu himanii, dameen kun hanga yaadame akka hinguddanneef rakkoon nageenyaa, dandeettii, aadaan turizimii lafaa ta'uu, qabeenya kunuunsuu, gabaa harkisuuf yaaluu, kalaqaafi ilaalcharratti hanqinni jiraachuu dubbatu.

Keessumaa qophaa'ummaan tajaajilummaarratti mul'atu daran lafaa ta'uusaatiin dhimma xiyyeeffannaa olaanaa barbaaduudha jedhu. Kunneen hanga hinjijjiramnetti ammoo dinagdeen biyyaa guddachuu wana hindandeenyeef miidiyaan, aktiivistoonniifi kanneen dhimmichi kallattiin ilaallatus ta'e hinilaallanne dhimma kanarratti waliin hojjechuun akka barbaachisu dhaamu.

Qarreefi Qeerroo

Seeneet Gizaachoo: Barattuu qaxalee qorannoo hawaatiin Itoophiyaa beeksisuuf kaayyeffatte

Waaqshuum Fiqaduutiin

Waloo Seeneet Gizaachoo qaxalee dacheen Jalduu gumaachite kan umrii daa'imummaatti biyya raajeffachiisuu eegalteedha. Seeneet, walalooowwan ciccimmoo ergaawwan guguddoo qabaniifi sammuu daa'imaatiin dhiyaate jedhamee amanuun nama rakkisuun qalbii hawaasaa dhuunfate. Tibbana ammoo barattoota biyyoota addunyaa 86 waliin qormaata sadarkaa addunyaatti kennamu fudhachuun qabxii olaanaa galmeessisuun seenaa biroo hojjechuu dandeesseetti.

Gaazexaan Bariisaas imala kaleessaa hanga har'aatti akkasumas qormaata tibbanaan milkaa'ina olaanaa galmeessite ilaalchisee gaafdeebii Waloo Barattuu Seeneet Gizaachoo waliin taasisse akka armaan gadiitti dhiyeesseeraa dubbisaa.

Qormaatiin sadarkaa addunyaatti Seeneet qabxii olaanaa galmeessite maali?

Qormaatiin kun qormaata idiladdunyaa seensa yunivarsitii yommuu ta'u, sirna barnootaa biyya Ingiliz bu'uureffate barattoota biyyoota 83 ta'aniif kennamudha. Qormaata kana kan fudhatan barattoota idiladdunyaa manneen barnootaa 750 keessa jiraniidha. Manni barumsaa baay'inaan ijoolleen soressaa itti baratan 'Cambridge international School' jedhamu kan isheen itti barataa jirtu kun manneen barnootaa 750 eeraman keessaa isa tokko.

Seeneet qormaata cimaa kana fudhachuun "Akaakuuwwan barnootaa ciccimmoo" jedhamanii sodaataman kanneen akka Herregaa, Fiiziksii, Keemistirii osoo hinhafiin "A+" fiduun fuula miidiyaalee hawaasaa dhuunfachuu qofa osoo hintaane badhaasa gonfachuu dandeesseetti.

Seeneet carraa 'Cambridge international School'tti barachuu haala kamiin argatte?

Dorgomtuu taatee mana barumsaa kanatti barachuuf dandeettii gahaa qabaattus sadarkaan jireenyaa maatiishee mana barumsaa kanatti akka barattu akka hineyyamneef dubbatti. Daa'imummaa kaastee sochiin gama aartiin taasisu daran olaanaa waan ta'eef gaaf tokko Jalduu gara Finfinnee dhufuun galma Barkumeetti carraa walaloo dhiyeesuu argatti.

Wayita kana egaa kan qalbii dureessa Oromoofi abbaa qabeenyaa bishaan Afrikaa, Obbo Sayid Daamxoo seente. Obbo Sayid mucaa qaxaleen kun gara Finfinnee dhuftee mana barumsaa warra Turkii "Mariif International School" jedhamutti akka barattuuf deeggarsawwan barbaachisan hunda taasisaniif.

Seeneet carraa mana barumsaa kanaa



haa argattu malee hawwiinshee ganamaa 'Cambridge' waan ta'eef erga ji'a saddeet erga baratte booda kallattiin Luba Pirofeesar Gammachiis Dastaa quunnamuun akka haalli mijateef dubbatti. Gara saayiinsii, aartiifi kalaqawwan adda addaa deemuuf hojii onnachiisuu manni barumsichaa hojjetu akkasumas barsiisota idiladdunyaa gahumsaafi muuxannoo olaanaa qaban inni fayyadamu hundi adda isa taasisa.

Manni barumsaa 'Cambridge' barattoota daran ciccimmoo naamusa olaanaafi aadaawwan garagaraa qaban kan itti baratan waan ta'eef hawwiishee dhugoomsuuf gahee guddaa kan gumaachuudha. Mana barumsaa kanatti namni kaayyoosaa ganamaan walarguuf haalonni hundi mijatoodha.

Carraa kana argachuusheef qoodni Obbo Sayid Daamxoo ta'e Pirofeesar Gammachiis Dastaa olaanaa ta'uu bira darbee imala gara saayintistii hawaa ta'uutti taasisaa jirtuuf bu'uura jabaa waan ta'eef kabajaafi galata isaaniif qabdu ibsiteetti.

Seeneet waloo moo barattuu cimtuu ta'uun hawaasni beeka?

Hojiin aartii caalee ba'uun barattuu qaxalee ta'uushee haa golgu malee Seeneet barattuu kutaa tokko kaastee lffaa baatu barattuu qaxaleedha. Ta'us namoota baay'ee biratti qaxalummaan gama barnootaan qabdu osoo hintaane waloo walaloo cimaa dhiyeesitu qofaan beekanti. Seeneet osoo gara Finfinnee hin dhufiin durayyuu Mana Barumsaa Abdii Guddinaa Jalduutti barattuu maqaa gaarii qabdu turte.

Seeneet barattuu dandeettii adda qabdu waan taateef kutaa barnoota walitti butuun sadarkaa har'arra geesse. Barnoota sadarkaan jiran dursitee hubachuun osoo kutaa 6ffaa hinbaratiin gara kutaa 7ffaatti, osoo 9ffaa hinbaratiin gara kutaa 10ffaatti tarkaanfachuu dandeesseetti. Waa dafanii hubachuufi sammuu keessatti itichuun kennaashee ganamaa ta'uus ibsiteetti.

Seeneetiif milkaa'inni maali?

Akka Seeneetitti, milkaa'inni karaa dalgaa gufuu hinqabne osoo hintaane

ifaaja gufuu nama rukutu hundaan gara kaayyoo ofiitti utaalaniidha. Jaldu, bakka xiqqoo tokkotti dhalatanii barattoota idiladdunyaa muuxannoofi ka'umsa bareedaa qabani waliin dorgomuun ulfaataa fakkaachuu mala.

Ta'us dhimmi Seeneet waa'ee barattoota kunneenii dhiphachuu osoo hintaane mul'ata fuulduraa ilaaluun tarkaanfachuu ture. Akka isheen jettutti, kufaati namoota baay'ee manii fuulduraa dhiisanii haala keessa jiranitti yeroo gubuufi abdi muruudha. Fakkeenyaaf jetti Seeneet, manneen barnootaa Itoophiyaa keessatti afaan Ingilizii akka afaan lammaffaatti yoo baratamu "Cambridge" keessatti garuu akka afaan tokkoffaatti kennama.

Ijoolleen achitti baratanis dandeettiin afaan Ingiliziiratti qaban olaanaadha. Kun nama yeroo jalqabaaf gara mana barumsichaa deemuuf abdi kutannaa uumuu mala. Isheen garuu achuma keessatti, sanuu barattoota dandeettii afaan Ingilizii olaanaa qaban keessatti qormaata afaan Ingilizii "A+" fiduu dandeesseetti.

Akka isheen jettutti, yeroo baay'ee kan ishee onnachiisu namoota osoo akka har'aa haalli mijataan hinjiraatiin addunyaa jijjiiruu danda'aniidha. Iccitiin osoo akka har'aa carraan intarneetaafi bu'aaleen qorannoo fiixee hinga'in duwwaa keessatti jijjiirama olaanaa galmeessisu kaayyootti cichuudha. Barattoonni har'a manneen barnootaa garagaraa keessatti barataa jiranis haaluma rakkisaa bakka galteen barnootaa haala barbaadamuun hinjirre keessatti yoo intarneetiin jiraate intarneetiitti yoo hunduu hinjirre barsiisaatti qixa sirriin fayyadamuun kaayyoosaanii milkeessuu danda'u.

Keessattuu yeroo ammaa barattoonni hedduun bilbila ammayyaa waan qabataniif yoo qixa sirriin fayyadaman daandii milkaa'inaa, yoo gara malee fayyadaman daandii badiisaa ta'uu dursa hubachuun barbaachisaadha. Garuu bilbila harkaa kana qixa sirriin fayyadamuun daandii dandeettii ofii gabbisuun kaayyoo ofiitti tarkaanfachuu kayyoo barattoota hundaa akka ta'us

dhaamteetti.

Seeneeti maal ta'uu hawwiti?

Akkuma ijoollee biyyattii kamuu gaafa mana barumsaa eegalte waan ta'uuf hawwite qabdi. Jalqabatti hawwiinshee Doktor fayyaa ta'uu ture. Boodarra guddina sammuu dabaluun saayintistii hawaa ta'uutti hawwiishee jijjiiruu dandeesseetti. Kunis yeroo baay'ee gara samii ilaalu waan jaalattuuf ol siqxee osoo waan hunda qabatee fedhiishee hunda ta'uu dubbatti. Waa'een hawaa waan baay'een kan qoratame waan hintaaneef argannoo addaatiin Itoophiyaa maqaa waamsisuun ammaan tana kaayyooshee ta'eera.

Haa ta'u malee, mul'atni kun sadarkaa yaadaatti abjuu qofa ta'ee akka hinhafneef tumsi qaama dhimmi ilaallatu hundaa ishee barbaachisa. Keessattuu biyyoota qorannoo hawaatiin sadarkaa jalqabaatti eeraman yunivarsitiiwwan Ameerikaafi Ingiliziifaatti carraa argattee barachuun hawwiishee isa olaanaadha. Kanaafuu, qaamni dhimmi ilaalu hundi deeggarsa akka taasisuuf carraa kanaan gaafatteetti.

Hojii aartii hoo attam gooti?

Hojiin aartii hojii Oromoo hunda waliin wal ishii barsiise waan ta'eef kabajaan cimsitee ittifuuti. Aartiin waa'ee ummatashee kan yaaddeefi akeekte baastee dubbachuu kan ishee dandeesise qofa osoo hintaane sadarkaa har'a irra geesseef bu'uura ta'eeraaf. Inumaayyuu yoo Waaqayyo ishee milkeesse waltajjii addunyaarratti guyyaa eebbashuu waa'ee ummatashee walaloon ibsuun kaayyoosheetti.

Ammaan tana barumsaaf dursa kennuuf hojii aartiirraa xiqqoo fagaatte malee hindaganne. Wayita boqonnaashee garuu afaanota garagaraan walaloo barreessuuf maloota adda addaatiin dhaloota barsiisuuf kan itti adeemtu ta'a.

Waliigalaan Gaazexaan Bariisaa waggaa jaha har'aa, umriishii waggaa 10tti kennaa isheen walaloo dheeraa sammuu qabatee walaleessuurratti qabduurratti hundaa'uufi akeekashii egereerratti ishee waliin gaafdeebii dheeraa taasisuun ni yaadatama.

Ji'oota sadan...

beekumsaa, humnaafi dippiloomaasii olaanaa taasisaa jira. Kurmaana tokkoffaatti qofa maallaqa callaa qarshii miliyoona 271 ol walitti qabuun danda'ameera.

Tumsi hawaasni dayaasporaa taasisu yeroodhaa gara yerooti dabalaa jiraatus biyyoota tokko tokkotti bittaa boondii dhorkaa ta'uufi foormaatiin onlaayinii diriiree maallaqni sassaabamaa jiru gargar ta'uun tarii hanga tokko dhiibbaa uumuu eeranii; rakkoolee mudatan kanneen furuuf embaasiwwaniifi qonsiloota garagaraa waliin marii bal'aa taasifamerra duubdeebii gaariin argamuu ibsaniiru.

Gama biraatiin ammaan tana karaa ergaa gabaabaa 8100A'n, waancaa hidhaa haaromsaafi waancaa nageenyaa qarshiin hawaasarraa walitti qabamaa jiraachuu himanii; ammaan tana Waancaan hidhaa haaromsaa naannoo

Sumaaleefi Waancaa nageenyaarraa Finfinnee jiranirraa waliigalaan qarshiin miliyoona 100 ol walitti qabuuf karoofachuus himaniiru.

Ijaarsi hidhichaa yeroo ammaa %96.7 ga'uu eeranii; kanaan dura xumura ijaarsa hidhichaatiif qarshiin biliyoonni 50 akka barbaachisu gabaafamaa turus daballii doolaaraatiin walqabatee tarii ammaan tana qarshii biliyoona 80 ol gaafachuu mala jedhaniiru.

Bu'uuruma kanaan yeroo ammaa Baankii Daldala Itoophiyaa waliin www.mydam.com, akkasumas applikeeshiniin mobaayilii ethiodirect' jedhamuufi baankii Zamani waliinta'uun www.mygerd.com jedhamuun qarshiin hawaasarraa walitti qabamaa jira.

Ijaarsa hidhichaa saffisaan xumuranii faayidaa dinagdeesaa karaa guutuun milkeessuuf tumsi ummataa cimee akka ittifufus Obbo Solomoon dhaamaniiru.

Dhamdhamaafi mi'aayina...

hawwata turistiin ala dandeettiinwan nyaata aadaa ummanni Oromoo qabu beeksisuun dinagdeetti jijjiiruun murteessaa ta'uu eeraniiru.

Godinni Arsii nyaata aadaa yeroo dheeraaf turuu danda'aniin kan beekamu ta'uus kaasani, beeksisuun hojii cimee ittifufu ta'uu dubbataniiru. Bu'uuruma kanaan Godina Arsii, Magaalaa Asallaatti agarsiisniifi dhandhamni nyaata aadaa kan gaggeeffame yoo ta'u, aadaa kana qabeenyatti jijjiiruun murteessaa ta'uu ibsaniiru.

Aannaniifi booka unachaa cuukkoofi micciirraa mi'eeffachaa guyyaan turiizimii sadarkaa Oromiyaatti yeroo 20ffaaf kabajameera. Agarsiisaafi

dhamdhamsiisa nyaata aadaa gaggeeffame keessaa marqaan daakuu kiillogiraama 100rraa qophaa'e isa tokko. Marqaan kun daakuu qamadiifi garbuurraa kan qophaa'e yoo ta'u, dhadhaa kiillogiraama saddeet mi'eessituusaaf ooleera.

Aadaa bareedaa hawwata turisti ta'e qabna. Agarsiisuufi jajuu qofti gahaa waan hintaanef beeksisuun madda galiifi carraa hojiitti jijjiiruun barbaachisaadha jechuun dubbataniiru.

Bakkeewwan garagaraatti nyaanni aadaa Oromoo dinagdeetti jijjiiramaa jira jedhanii, ammas ciminaan irratti hojjetamuu akka qabu dhaamaniiru.

"Sektarri siviil sarvisii..."

caalmaan raggaasiseera. Labsicha hojiirra oolchuufis danbiifi qajeelfamni siviil sarvisiin qophaa'eera.

Gaazexaan Bariisaas kaayyoo, qabiyyeefi barbaachisummaa labsichaarratti hundaa'uun ibsa dabalataaf dheengadda Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatti, Walitti qabanaa Koree Dhaabbii Dhimmoota Misooma Humna Namaa, Bobbii Hojiifi Teknoloojii Doktor Nagarii Leencoo dubbiseera.

Labsichi keeyyattoota haaraa itti dabalamaniifi fooyya'an kan qabu ta'uus himanii, labsichi kallattiin Komishinii Siviil Sarvisii Federaalaa waan ilaallatuuf komishinichi hojii hubannoo gabbisuurratti xiyyeeffatee hojjechuu qaba jedhaniiru.

Labsiin Hojjetoota Mootummaa Federaalaa lakkoofsa 1064/2010 irraa eegalee hojiirra ture hanqinoota gara garaa waan qabuuf qorannooratti hundaa'uun labsicha fooyyessuun dirqama ta'ee argameera. Labsichi qorannoo Komishinii Siviil Sarvisii Federaalaa, qaamolee federaalaafi naannolee dhimmichi ilaallatuun taasisaniin kan qophaa'e ta'uus eeraniiru.

Akka qorannoon adeemsifame mul'isutti,

kenniinsi tajaajila hojjetoota mootummaa rakkoo guddaa waan qabuuf ummanni tajaajila sektaroonni mootummaa kennanirratti ittiquufiinsa hinqabu. Sadarkaa Itoophiyaan har'a irra jirtuufi sadarkaan kenniinsi tajaajila sektara Siviil Sarvisii irra jirus walgitu.

Kenniinsi tajaajila mootummaas qulqullinaafi si'aayina hinqabu. Rakkoon bulchiinsa gaariifi kenna tajaajilaa kun ummatni mootummaa akka komatu taasisaa jira. Rakkoon bulchiinsa gaarii babal'achuun kufaatii mootummaa ADWUIF sababa guddaa turuus Doktor Nagariin yaadachiisaniiru.

Tajaajilli Siviil Sarvisiin kenna jiru si'ataa, kan qulqullina hinqabneefi waan teknolojiidhaan hindeeggaramneef ummanni mootummaa akka komatu taasisaa jira. Bakki hojii mootummaa mijachuu dhabuun, meeshaaleen hojiif barbaachisan guutamuu dhabuun, hojjetoonni mootummaa faayidaa maluuf argachuu dhabuun, hojjetoonni muraasni yoo sirriitti hojjetan, kaan ammoo isaanirratti rarra'anii jiraachuu rakkoolee qorannoodhaan adda bahaniidha jechuun ibsaniiru.

Caasaan mootummaa hanga aanaatti jiru humna namaa bal'aa qabaatus kenniinsa tajaajilaarratti

rakkoo guddaa qabaachuun, mindaan hojjetootaa waggaa lama lamaan dabalaa ture dhaabachuun, kaka'umsi hojii laafuufi hanqinni ga'umsa hojjetaa akka seektarri siviil sarvisii bu'aqabeessa hintaane taasisa. Siviil Sarvisiin daaw'itii mootummaa waan ta'eef labsii hojiirra ture fooyyessuun dirqama ta'eera jedhan.

Labsiin duraanii Siviil Sarvisii Hojjetoota Mootummaa Federaalaa rakkoo sabdaneessummaafi hunda hammattummaa akka ta'e himanii, inni haaraan garuu rakkoolee irranatti eeraman furuuf gargaara jedhaniiru.

Sektarri siviil sarvisii jijjiiramuu baannaan riifoormiiwwan guguddoo akka biyyaatti jalqabaman milkeessuun hindanda'uu. Riifoormiiwwan guguddoon waggoota ja'an darbanii as akka biyyaatti hojjetamaa jiran milkeessuuf sektara siviil sarvisii tajaajila ammayyaa'aa kennu ijaaruun daran barbaachisaadha jedhan.

Labsii fooyya'een hojjetaan beekumsaafi ga'umsa qabu akka mindeeffamu akka taasisu eeranii, komiiwwan mindeessaan walqabatani ka'aa turanis akka furu ibsaniiru. Hojjetoonni hojiirra jiranis leenjii hojiisaaniin walqabatu

fudhatanii qormaata ga'umsaa akka fudhatan ni taasifama jedhanii, hojjetaan waggaa qormaata madaallii ga'umsaa yeroo lama fudhatee madaallii kaa'amee gad fide hojjetaa ta'ee ittifufuu akka hindandeenye dubbataniiru.

Labsichi sektarri Siviil Sarvisiin Itoophiyaa tajaajila ammayyaa'aa, si'ataafi qulqulluu akka kennu taasisa kan jedhan Doktor Nagariin, akkasumas saboonniifi sablammoonni biyyattii utuu afaan, amantaa, siyaasa, korniyaafi miidhamummaa qaamaatiin hinqoodamiin sektarichatti akka makaman gochuun sabdaneessummaafi hunda hammattummaa akka sirnaan mirkaneessu ibsaniiru.

Sabootaafi sabalammoonni Itoophiyaa 76 ta'an keessaa 17 sektaroota federaalaa keessaa hojjetaa tokkollee akka hinqabne himanii, labsiin kun siviil sarvisii saboonniifi sablammoonni hundi keessatti of argan ijaaruuf gargaara jedhan.

Yeroo ammaa akka waliigalaatti hojjetootni mootummaa miliyoona 2.5 Itoophiyaa keessa jiraachuu eeranii, kanneen keessaa kummi 250ni kan mootummaa federaalaa, kummi 160 ammoo kan Finfinnee ta'uu himaniiru.

Fooyyessi dinagdee...

ba'uuf sababa ta'eera.

Ministirri Karooraafi Misoomaa Doktor Fitsum Asaffaa marii imaammatacha ilaalchisee qophaa'erratti akka jedhanitti, mootummaan jijjiiramaa gara aangootti osoo hin dhufin dura omisha waliigala biyya keessaa ('GDP') keessaa dhibbantaan 30.6 idaa ture, mootummaan jijjiiramaa garuu gara dhibbantaa 13.7tti xiqqeesseera.

Jijjiirama booda mootummaan cehumsa caasaa dinagdee milkeessuuf hojiilee garagaraa raawwachuun waggoota jahan darbanitti idaan maallaqa doolaara biliyoona 4.9 yeroon kaffaltiisaa akka dheeratu taasisa.

Jijjiirama dura biyyattiin idaadhaan liqimfamtee turte, pirojektotni jalqabamanis yeroon hinxumuraman ture. Irracaalaan dhaabbilee misooma mootummaas idaa guguddaa ofirraa qabuuyyu.

Otoo bu'aqabeessummaansaani hinxinxalamiin liqiiwwan biyyoota garagaraa dhalootarra tuulamaa turan. Liqii fudhatamaa tures faayidaa maaliif akka ta'e iftoominaan hinbeekamu ture.

Mootummaa jijjiiramaa kana keessa hudhaaleen weerara koronaafi walitibu'iinsi biyya keessaa mudatanii turanis waliigalatti guddina biyya keessaa ('GDP') 7.2 galmeessisuun danda'ameera jedhanii, imaammanni dinagdee gooroo dinagdee biyyattii gara fuulduraatti kan tarkaanfachiisu ta'uu eeran.

Haaluma walfakkaatuun waggoota jahan darbanitti mootummaan jijjiiramaa idaa biyyaa doolaara biliyoona 10 kaffaluu himanii; liqii daldalaa ('commercial 'loan') doolaara tokkollee akka hinliqeeffanneefi gara fuulduraattis liqii akkasii hinliqeeffatamu jedhan.

Sirnoonni waggoota 60 darbanitti turan hanqinoota garagaraa qabaatanis hanga humnisaanii eeyyameef dinagdee biyyaa guddisuuf hojjechaa turuu yaadachiisani; Giddugaleessaan guddina dinaagdee %4.2 galmessisaniiru. Galiin lammiilees giddugaleessaan dhibbantaa 1.3n guddachaa ture jedhan.

Sirnootni darban lammiilee lubbuun jiraachisuurraa kan hafe guddina dinagdeetiif

mul'ata baroota dheeraa hinqaban ture; mootummaan jijjiiramaa garuu mul'ata dinagdee egeree kan waggaa 50 ilaaluun hojjechaa jira jedhan.

Mootummaan jijjiiramaa riifoormii dinagdee mandhaleerratti hundaa'e diriirsuun, humna namaa gahooe uumuun, inarjiifi qonna ammayyeessuun, seektara dhuunfaa jajjabeessuun, sektaroota albuudaaf, turizimiif akkasumas dippilomaasii dinagdeefi dippilomaasii magariisaaf xiyyeeffannoo addaa kennee hojjechaa jiraachuu ibsan.

Doktor Fitsum akka jedhanitti, biyyoonni hedduun kutannoodhaan hojjetanii waan misoomaniif Itoophiyaanis yommuu hojmaatawwan dinagdee haaraa jalqabdu wantootni lammiilee gatii kaffalchiisan waan jiraachuu malaniif egeree biyyaatiif jecha har'a kutannoodhaan hojjechuutu barbaachisa.

Ministirri Maallaqaa Obbo Ahmad Shidees gamasaaniitiin akka jedhanitti, kaayyoo guddaan imaammata Dinagdee Gooroo sektara dinagdee ammayyeessuun guddina ittifufiinsa qabu dhugoomsuudha.

Imaammatachi sektaara dhuunfaa jajjabeessuuf, dinagdee keessatti gumaacha sektaroota hundaa dabaluuuf, qusannaa guddisuuf, daldala alaa cimsuuf, investimantii hawwachuuf kan gargaaru ta'uu himanii; erga hojiirra oolee ji'oota muraasa darbanitti dinagdee dadammaqsaa jiras jedhan.

Bulchaan Baankii Biyyaalessaa Obbo Maammoo Mihiratuus faayidaan imaammata Dinagdee Gooroo haala amma keessa jirruun qofa osoo hintaane bu'aa dhaloota egereetiif argamsiisuun xiinxalamuu qaba jedhan.

Dinagdee tasgabbaa'aa uumuu barbaachisa jedhanii; kana milkeessuufis mootummaan imaammata maallaqaa fooyyessuu dabalatee hojiiwwan garagaraa hojjechaa jira jedhaniiru.

Miseensi boordii Kaampaani Iisti Afrikaa Hooldiingi Obbo Fitsum Nugusee gamasaaniin fooyyessi dinagdee hundagaleessi daran barbaachisaadha jedhan. Ta'us wantoonni afur jechuunis; malaammaaltummaa, rakkoo bulchiinsa gaarii, hanqinoota bu'uuralee misoomaafi sharafa alaati dhaabbilee dhuunfaa qoraa jiran mootummaan furuu qaba jedhan.

ISPOORTII BARIISAA



Tashooma Qadiidaatiin



Oromiyaatti waggaan shanaffaan hundeeffama Paartii Badhaadhinaa ispoortiidhaan kabajame

Finfinnee: Hojjettoonniif ittigaafatamtoonni mootummaa naannoo Oromiyaa akkasumas artistoonniifi atileetonni ayyaana waggaa shanaffaa hundeeffama Paartiin Badhaadhinaa dorgommiiwwan ispoortii adda addaatiin dheengadda kabajan.

Ayyaanichi kan kabajame mataduree, “Olaantummaa yaadaa badhaadhina hundagaleessaaf” jedhuun dirree ispoortii dallaa waajjiraalee Oromiyaa Finfinnee, naannawa Calallii (Saarbeeti)tti argamutti.

Afyaa’iin Caffee Oromiyaa Aade Sa’aadaa Abdurraahimaan wayita dorgommicha jalqabsiisan guyyaan Paartiin Badhaadhinaa ittihundeeffame seenaqabeessa, guyyaa jijiramaa, guyyaa dhiphinni sabootaafi sablammootaa ummattoota Itoophiyaa ittihadamsiifame, guyyaa ummattoonni bu’aa qabsoosaanii itti argatan waan ta’ef baga ittiin isin ga’e jedhan.

Ayyaanichi dorgommiiwwan ispoortii kubbaa miilaa, atileetiksii, wadaroo

(haada) harkisuufi agarsiisa sarkasiin kan kabajame yoo ta’u, tapha kubbaa miilaa hoggantoota Oromiyaafi artistoota Oromoo jidduutti adeemsifameen hoggantoonni 2-0n mo’ataniiru. Akkasumas dorgommiin atileetiksii haada harkisuu korniyaaawwan lameeniin adeemsifame daran bashannansiisaa ta’een adeemsifame.

Simicharratti hoggantoota biirolee Oromiyaa dabalatee atileetonni Itoophiyaa beekamoon Gazahany Abarraa, Masarat Daffaar,

Taammiraat Tolaa, Silashii Sihin, akkasumas leenjistooni komishinara ittaanaa Huseen Shiboo, Komaandar Toleeraa Dinqaa, Hajjii Addeloofi Gammadoo Daddafoo argamaniiru.

Artistoonni Oromoo keessumaa kanneen waggoota 25n darbaniif artii Oromoo keessatti ga’ee olaanaa taphatan Haati Jaamboofi Abbaan Jaambooo ayyaana kanarratti argamuudhaan badhaasa addaa badhaafamaniiru.

Fiigicha guddicha walitti dhufeenya ummataa cimse

Itoophiyaatti dorgommiin atileetiksii Fiigicha Guddicha jedhamuun beekamu Sadaasa 21 bara 1994 Finfinneetti hirmaattota kuma kudhaniin eegalame.

Mallattoo Itoophiyaa ta’aa dhufeera kan jedhamu dorgommiin kun, ummata addunyaa sanyii, korniyaaafi bifaan osoo adda hinqoodiin addababa’ii tokkorratti hirmaachisuun jaalalliifi obbolummaan ilmaan namaa jidduutti maal akka fakkaatu mul’seera. Walittidhufeenya Itoophiyaanotaafi lammiilee biyya alaa cimsuuf ga’ee olaanaas taphachaa tureera. Keessumaa indastirii turizimii biyyaaf gumaacha taasisaa jira.

Baay’inni hirmaattonni dorgommichaa yeroodhaa gara yerootti dabalaa dhufuun baranas Sadaasa 8 bara 2017 yeroo 24ffaaf adeemsifameera. Kan baranaa kanarrattis namoonni kummi 50 hirmaataniiru.

Waajjira Fiigicha Guddichaa Itoophiyaatti gaggeessituun hojii kutaa kominikeeshiniifi misooma gabaa, Durbee Hillinaa Nigusee gaazeexaa Bariisaatiif akka ibsitetti, fiigichi olaanaa kun akkuma maqaasaa yeroodhaa gara yerootti olaantummaa argachaa dhufeera. Sababa weerara Koviid-19tiin yeroo tokko addaan cituurraa kan hafe rakkoo tokko malee yeroo 24f adeemsifameera.

Kaayyoon isaa dorgommii gaggeessuu qofa osoo hintaane dhaabbilee arjoomtota



Hirmaattota fiigicha guddicha keessaa

biyya keessaa dadammaqsuun ispoonsara akka godhan jajjabeessuun galii achirraa argamu dhaabbilee tola ooltootaaf qooduun hawaasa gargaaruuf ta’uu eertee, akkasumas dorgommii babal’isuun turistoota biyya alaa harkisuun galii argamsiisuu maddiitti, Itoophiyaan maal akka fakkaatu beeksisuuf ta’uu ibsiti.

Kana malees, dargaggoota dorgommii biyyoolessaarratti hirmaachuuf carraa hinarganneef carraa banuun muuxannoo akka argatan gochuu bira darbee badhaasuu ta’uufi muuxannoo argataniin hedduun

isaanii dorgommii biyyaaleessaarratti hirmaachuun maqaa biyyaa waamsisaa akka jiran addeessiti.

Gama biraatiin lammiileen biyya alaa dorgommii kanarratti hirmaachuuf fageenyarraa dhufan, ummanni biyyattii dorgommicha naamusa gaariidhaan jalqabee xumurusaa baay’ee dinqisiifachuunsanii kan nama boonsu ta’uu eerti.

Yeroo 22f fiigicha kanarratti hirmaachuusani kan himan Obbo Dabbabaa Lataa, kanaan dura maatii wajjin hirmaachaa turuufi yeroo dhihoodhaa as

hiriyyootasani wajjiin ittifufuu kaasu.

“Fiigichi guddicha kanaaf ani maatiidha. Waggaa guutuu qophiisaaf Sanbataafi Dilbata dirreetti ba’een shaakala. Akkuma na agartu qaamnikoo guutuudha. Dhukkuboota addaddarraa of eeguun kan danda’amu sochii ispoortii qaamaa taasisuudhani” jedhu.

Dur atileetii akka turte kan dubbattu ammoo Yimmanaashuu Girmaati. Yimmanaashuun fiigicha guddicha Itoophiyaa kanarratti yommuu hirmaattuu yeroo sadaffaa yoo ta’u, waggoota 10n dura yeroo lama hirmaattee turuufi yeroo ammaa Noorweey, magaalaa Oslo akka jiraattu dubbatti. Fiigicha kanarratti hirmaachuuf carraa kan argatte maatiishee gaafachuuf Itoophiyaa dhufusheetiin ta’uu ibsiti.

“Fiigichi kun bareedaadha. Ummata galaana fakkaatu kana arguu kiyyatti daran gammadeera. Caalaatti wanti nadinqisiise misooma Finfinneeti. Magaallatiin babal’achuura darbitee qulqullinniifi gamoowwan sadarkaasani eeggatanii ijaaraman baay’inaan arguu kootiin gammadeera. Magaalanni biyyoota guguddoo dorgommii atileetiksii qaxxaamura biyyaafi biskileetii kan qopheessan qilleensa qulqulluufi namatti tolurratti. Itoophiyaanis daandii akkanaarra jiraachuunshee hunda keenya kan gammachiisudha” jetti.

Itoophiyaan waltajjiwwan idiladdunyaarraa waggaatti galii doolaara biliyoona 10 maddisiisu dandeessi

Waaqshuum Fiqaadutiin

Finfinnee: Qormaata hiyyummaa, ongee, waraanafi qaala'iinsi jireenyaa keessatti Itoophiyaan guddina dinagdee %8.1 galmeessuun milkaa'ina guddaadha.

Hidhaa Laga Abbayyaa sherfee addunyaa tokko malee gara xumuraatti fiduun misoomni koriidarii maallaqa biliyoonaan itti dhangalaasuun magaalafi baadiyyaa faayee firaafis diinaafis milkaa'ina gaaffii uumuudha.

Qamadiin kaleessa siyaasni biyyattii gara fedhetti ittiin micciiraramaa ture waggoota muraasa keessatti alatti erguu danda'uun asoosama osoo hintaane dhugaa addunyaan ragaa ba'edha. Toora biyyoota guddatanii kanneen akka biyyoota garee 'BRICS'ti makamuufis fudhatama argachaa jirti.

Tibbana waltajjiwwan idiladdunyaa jajjabee keessummeessuun ko'oommataa turte, kanneen ganaa keessummeessitus qabdi. Nutis waltajjiwwan kunneen kallattii bu'aa dinagdeen shooraa hangamii akka qabanirratti hayyoota dinagdee haasofsiisneerra.

Hayyuu dinagdee idiladdunyaa Gameessa muuxannoo dheeraa qaban Obbo Zamadeenah Nigaatuu akka jedhanitti, Itoophiyaan waltajjiwwan idiladdunyaa keessummeessuun waggaatti potenshaala doolaara Ameerikaa biliyoona 10 maddisiisuu qabdi.

Namootni waltajjiwwan adeemsifamanirratti argaman abbaa qabeenya, tuuristii, namoota beekamoo dhiibbaa uumuu danda'aniifi bakka bu'oota dhaabbilee idiladdunyaa garagaraa ta'uu waan malaniif tikeetii xayyaaraarraa eegalee Itoophiyaaf kallattiin galii maddisiisu.



Obbo Zamadeenah Nigaatuu

Sochii gama investimantiifi biyyattii beeksisuunis shoorri waltajjiwwan akkasii gumaachan daran olaanaadha.

Magaalotni akka Dubaayi, Waashingitan Diisiifi Biraazilsifaa waltajjiwwan idiladdunyaa, keessatti koonfiraansii tuuriizimii keessummeessuun magaalota waggaatti doolaara biliyoonaan lakkaa'ama maddisiisan ta'uu himanii; Itoophiyaan kan yeroo ammaa galii waltajjiwwan adeemsisuun walqabatani dhufanirraa waggaatti galii doolaara Ameerikaa biliyoona 3.5 argattu potenshaala jiru qixa sirriin fayyadamnaan waggaatti doolaaraa biliyoona 10 argachuu akka dandeessu eeraniiru.

Misoomni koriidarii federaalaa hanga naannoleetti diriire yeroo turtii keessummootee dabaluufts ta'e carraa investimantii daawwachiisuuf gooda guddaa waan qabuuf qindoominaan hojjechuun murteessaadha. Hundaa ol, Daandiin Humna Qilleensaa



Doktar Qosxeenxinoos Barihetesfaa

Itoophiyaa kan maqaa gaarii qabuufi waggaatti imaltoota miliyoona 20 keessummeessuu danda'u addunyaa hawwachuurratti shooraa guddaa qaba.

Itoophiyaan teessoo Gamtaa Afrikaafi dippiloomaatota idiladdunyaa ta'uun addunyaa hawwachuurratti akkasuma gumaata guddaa taphachuu danda'a. Giddugalli walga'ii idiladdunyaa ('convention center') Itoophiyaan ijaaraa jirtus milkaa'ina yaadame kanaaf shooraa mataasaa qaba.

Doktar Qosxeenxinoos Barihetesfaa gamasaaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan pirojektota guguddoo kanneen akka Koyishaa, Gorgoraa, Wanciifaa hojjechuunshee hawwatni tuuriizimii daran akka dabaluu taasisu. Waltajji idiladdunyaa qopheessuu qofa osoo hintaane jireenyaafuu lammiilee biyya alaa hedduu biratti filatamtudha.

Biyyootni Afrikaa hedduun lammiilee biyya alaatiif eeyyama mana ijaarrachuun kennuun

waggaatti galii miliyoonaan lakkaa'amu akkuma argatan Itoophiyaanis kanarratti yaaduu qabdi. Dubaayi, Jeneviifi Gibxifaan biyyoota lammiilee biyya alaatiif eeyyama mana jireenyaa kennuun waggaatti galii hedduu argataa jiran keessaa isaan muraasa.

Paarkiin biyyaalessaa Cabaraa Curcuraafaa biyyoota Baha Giddugaleessaa kanneen akka Imireetii Gamtaa Arabaa, Sa'ud Arabiyaa, Qaataariifi kanneen biroo warra arba daawwachuu jaalatan biratti daran filatamaa waan ta'eef yoo hojiin beeksisaa bal'inaan hojjetame galii olaanaa maddisiisuu danda'u.

Kanas yoo danda'ame dhaabbilee tuuriizimii idiladdunyaa waliin hojjechuu yoo dadhabame ammoo karaa namoota miidiyaa hawaasaan dhiibbaa uumuu danda'anii beeksisuun barbaachisaadha.

Sochiin bakkewwan hawwata tuuriizimii seenaqabeeyyii ta'an Sagantaa Misooma Koriidarii keessatti hammachuu eegalame cimee ittifufu akka qabu yaadachiisani; lammiileen biyya alaa gara biyya biraa dhaqanii maallaqa guddaadhaan hoteela buluu osoo taane bakkeewwan hawwata tuuriizimii dunkaana buufatani maallaqa xiqqoon buluu waan filataniif haala miseessuufiin akka barbaachisu dubbataniiru.

Yommuu biyyoota Afrikaa birootiin walbira qabamu gatiin hoteela Itoophiyaa guddaa ta'uu himanii; yaa'iinsa tuuriizimii dabaluu bakkeewwan hawwata tuuriizimiitti hoteela mijatoo gatii madaalawaan dhiyeessuun murteessaadha. Hundaa ol, nageenyi magaalaa maadiyyaatti fooyyessuun yaa'iinsa tuuriizimii dabaluu galii guddaa argachuu waan ta'eef irratti yaaduun barbaachisaa ta'uu ibsaniiru.

Itoophiyaan beela dhabamsiisuuf humna guddaa qabdi

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Itoophiyaan beela dhabamsiisuuf humna guddaa akka qabdu qorataan qonnaa Doktor Maandafroo Nugusee ibsan.

Qorataan Qonnaafi Daarektarri Olaanaan Ejensii Tiraanisfoormeeshinii Qonnaa Federaalaa Doktor Maandafroon Beela dhabamsiisuuf sochii Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniifi Itoophiyaadhaan taasifamaa jiru ilaalchisee torbee darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, Itoophiyaan biyya Ikolojiinshii qonnaaf mijataa ta'e, baddaa, badda dareefi gammoojjiiinshii midhaan akaakuuwwan garagaraa omishuuf mijatu qabdi.

Kanamalees, omishaafi omishtummaa qonnaa guddisuun beela dhabamsiisuuf kan ishee gargaaru biyyattiin lageen bishaan meetir kuubii biliyoona 124, harawwan bishaan meetir kuubii biliyoona 70. Akkasumas bishaan lafa jalaa meetir kuubii biliyoona 30 qabdi.

Lafa hektaara miliyoona afurii ol ta'u kan jallisiidhaan misoomuu danda'u qabdu, waliigalaan lafa qonnaaf ta'u hektaara miliyoona 40 qabdi. Ummatashee keessaa dhibbantaa 70 kan ta'u humna omishuu danda'uudha.

Sirnoota darban keessa qixa hojjetamuu dhiisuuraan kan ka'e biyyattii keessatti lammiileen wabiin midhaan nyaataasaanii hin mirkaneffanne hedduun jiraachuu himanii; yeroo ammaa imaammatnifi hojjaatotni wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf gargaaran hedduun bocamanii hojiirra oolaa jiraachuu ibsaniiru.

Imaammatni Misooma Qonnaafi Baadiyyaa yeroo dhiyoo biyyattiin baastee ittifayyadamaa jirtu, Inisheetiviiwwan Ashaaraa Magaariisaa, Maaddii Guutuufi inisheetivootni akaakuu midhaanii 10 irratti hojjechaa jirtus beela akka dhabamsiisuuf kan ishee gargaaraniidha.

Beela dhabamsiisuuf hojjiileen Itoophiyaan hojjechaa jirtu kunneen walitti ida'amee ji'a darbe keessa konfaransii beela dhabamsiisuuf Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniin hogganamu Finfinneetti qopheessuu dandeesseerti.

Maqaa biyyattii olkaasuuf, hirmaattota konfaransicharraa galii argachuuf, hojjiilee hojjechaa jirtu addunyaatti beeksisuufi qooda fudhattoota idil addunyaa biraa deeggarsa barbaachisu argachuuf konfaransichi Finfinneetti qophaa'uunsaa daraan kan gargaaruudha.

Akka ibsasaaniitti, qabeenya qabnu beeknee akkaataa hogganuun nuu maluun hogganuu dhabuun, teknolojiitti fayyadamuun omishuu dhabuun, aadaan hojii keenya hanqina qabaachuun, kutannoodhaan hojjechuu dhiisuun, qabeenya qabnutti seeraan fayyadamuu dadhabuun biyyattiin nyaataan akka of hindandeenye hudhaalee taasisaniidha.

Biyyi qabeenya uumamaatiin badhaate Itoophiyaan gargaaruuf malee gargaaramuf harkashee diriirsuu hinqabdu ture kan jedhan Doktor Maandafroon; imaammata babbareedoo bahan qabatamaadhaan hojiitti hiikuun, hojjiilee misoomaa fakkeenyummaa qabn kanneen yeroo dhiyoo keessa jalqabaman, cimsuun, tokkummaadhaan hojii misoomaa hojjechuufi qonna ammayyeessuun hojjechuudhaan Itoophiyaan beela dhabamsiisuuf qabdi jedhaniiru.

Gaambeellaatti qurxummiin toonii 945 omishameera

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Naannoon Gaambeellaatti bara bajata 2017 kurmaana tokkoffaatti qurxummii toonii 1244 omishuuf karoofatee toonii 945 kan omishe ta'uu Biiron Qonna naannichaa beeksise.


Biirichatti Daarektarri Misooma Beeladaafi Qurxummii Obbo Cheeng Gaatluwaak turtii Roobii darbe Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, naannichi omisha qurxummiitiif kan ta'u potenshaala guddaa qaba. Naannichi Lageewwan waggaa guutuu yaa'an Afur, haroowwan gurgurguddaafi xixiqqaa, hidha bishaan adda addaafi lagni yeroo guute iddoowwan bishaan irra ciisu qaba.

Haaluma walfakkaatuun sanyiiwwan qurxummii akaakuuwwan 107 naannichatti argamu. Kanneen keessaa sanyiin 20 gabaa addunyaatiratti daraan kan barbaadamaniifi osoo qixa hojjetamuu maluun hojjetamee biyyaafis ta'ee hawaasa naannichaatiif bu'aa guddaa buusuu kan danda'aniidha. Aanaalee naannichi qabu 14 keessaa Aanaalee 12 keessatti qurxummiin baay'inaan argama.

Potenshaala naannichi qabutti fayyadamuun humna guutuudhaan kan omishamu osoo ta'ee naannichatti waggaatti qurxummii toonii kuma 15 hanga kuma 17tti omishuun nidanda'ama haa ta'u malee, hanga ammaatti waggaatti omishni omishamu toonii 3500 kan hin caalledha.

Hojiin horsiisa qurxummii naannichatti hojjetamu irra caalaatti karaa Aadaatiin kan hojjetamu ta'uu himanii; biirichi qooda fudhattoota waliin ta'uun hojijhabdoota kuma 10 ol waldaalee 90n ijaaree fayyadamaa taasisaa jira jedhaniiru.

Jalqabuu inisheetivii Maaddii Guutuutiin



Obbo Cheeng Gaatluwaak

omishtummaan yeroodhaa gara yerootti dabalaa jira jedhanii; bara 2014 iddo ture waggaatti toonii 2340rraa gara toonii 5712tti ol guddisuuf karoofamee hojjetamaa jira jedhaniiru.

Bara bajatichaatti omishtummaa dabaluufis mandara qurxummii 65 ijaaruudhaaf kan karoofame ta'uu himanii; mandaricha keessatti maatii 2240 hammachiisuun cuucii qurxummii kuma 158fi 750 dhiyeessuuf karoofameeras jedhaniiru.

Dhaabbatni Qindeessa omisha qurxummii akka Afrikaatti guddaa ta'ee naannichatti ijaamee xumuuramaa jirus bu'a qabeessummaa omisha qurxummiitiif faayidaan inni qabu olaanaa ta'uus daarektarri kun ibsaniiru.

Akka Obbo Cheengitti, inisheetivii Maaddii Guutuu galmaan gahuuf naannichi uumamaan haala mijataa hedduu qaba. Loon gaafa kuma 640, hoolaa kuma 229, re'ee kuma 268 qaba.

"Galmeessi Waraqaa..."

qindaa'aa akka dabalaa taasisuun imala dinagdee dijitaalaa (badhaadhinnaa) milkeessuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Galmeessa waraqaa eenyummaa kana milkeessuuf dhaabbilee teknolojii gara garaa waliin hojjechaa jiraachuu himanii, waraqaan eenyummaa kun lammiileen tajaajila dhaabbileen mootummaafi dhuunfaa sadarkaa biyyaatti kennan karaa 'Online' haala si'ataa, haqaqabeessaafi malaamaltummaarraa bilisa ta'een akka argatan kan taasisuudha. Waajjirichi hawaasni faayidaa waraqaan eenyummaa kun qabu hubatee akka galmaa'uufis hojiin hubannoo hawaasaa gabbisuu bal'inaan raawwatamaa jiraachuu eeraniiru.

Daarektarri Ejensii Galmeessa Siiviliifi Tajaajila Jiraattummaa Finfinnee Obbo Yoonas Alamaayyoo akka jedhanitti, ejensichi waggoota 81 kan lakkoofsise yoo ta'u, yeroo ammaa

riifoormii taasisuudhaan tajaajilasaa teknolojiin deggaree kenna jira. Ejensichi tajaajila teknolojiin deggaree kenna jiru caalaatti milkeessuuf dhaabbilee teknolojii waliin hojjechaa jiraachuu eeraniiru.

Tarsiimoo Magaalaa Finfinnee 'Smart City' gochuuf qabamee hojiirra oolaa jiru milkeessuuf jiraattota magaalattii haala dijitaalawaa ta'een galmeessuun barbaachisaa ta'uu himanii; ejensichi gara fuulduraatti teknolojii waraqaa eenyummaa harkatti baatanii deeman hambisuufi lammiileen tajaajila barbaadan karaa 'online' akka argatan taasisu dhiyeessuuf hojjechaa jiraachuu ibsaniiru.

Ejensichi galmeessa waraqaa eenyummaa dijitaalaa kan jiraattotaafi waraqaa eenyummaa biyyaaleessaa kana Sagantaa Waraqaa Eenyummaa Biyyaaleessaa waliin hojjechuu erga jalqabee ji'a tokkoofi walakkaa ta'uu himanii,

waggoota lamaan ittaanis waliin kan hojjetan ta'uus eeraniiru.

Daarkara Olaantuun Bulchiinsa Saaphana Odeeffannoo Aada Tigisti Amiid akka jedhanitti, Ejensiin Galmeessa Siiviliifi Tajaajila Jiraattummaa Finfinnee yeroo ammaa hojjaatasaa dijitaallessuun waraqaa eenyummaa jiraattummaa dijitaallessaa jira. Bulchiinsi Saaphana Odeeffannoos hojii ejensichi raawwachaa jiru gama nageenyasaa mirkaneessuutiin kan diggeru ta'uus eeraniiru. Hojiin kun tarsiimoo 'Itoophiyaa dijitaalaa 2025' milkeessuu keessattis qooda guddaa kan qabu ta'uu himaniiru.

Daarektarri Inistiitiyuutii Artifiishaal Intalajansii Itoophiyaa Doktor Injiinar Warquu Gaachanaa akka jedhanitti, galmeessa waraqaa eenyummaa jiraattummaafi waraqaa eenyummaa biyyaaleessaa siistamaan deggaramee akka biyyaatti adeemsifamaa jiru milkeessuuf deggarsa barbaachisu ni taasisa.

Mootummaan gocha...

Finxaaleeyyii kunneen afaanota garagaraa dubbatanis gochaafi galmisaanii tokko. Gocha suukanneessaa raawwachuun ummattoota gidduutti walshakkiifi walittibu'iinsa uumuun gooliidhaan biyya diiguudha jedhan.

Finxaaleessi Afaan Oromoos ta'ee Afaan Amaaraa dubbatu kaayyoonsa tokko waan ta'eef mootummaan naannichaa cimsee balaaleffachuu cinaatti qindoomina mootummaa federaalaatiin tarkaanfii laaleessaa ni fudhata, ammas fudhataa jira jedhaniiru.

Shaneen qonnaan bulaa Oromoo qotachuufi aramachuu dhorkuun hiyyummaatti deebisuuf qaama cichee socho'uudha jedhanii; qabeenya saamaa, bu'uraalee misoomaa mancaasaa, ummata ukkaamsaafi ajjeechaa gara jabina Finxaaleeyyii Faannoodhaan walfakkaatu Oromooratti raawwateera. Akka Oromoon meeshaa qabuun diina ofirraa hinqolanneef meeshaa harkaa saamaa turuus yaadachiisaniiru.

Kanaafuu mootummaan naannichaa akkuma gocha Finxaaleeyyii Faannoo balaaleffatu gocha Shanees balaaleffachuu qofa osoo hintaane tarkaanfii olaantummaa seeraa eegale cimsee kan ittifufu ta'uu ibsanii; gochi Finxaaleeyyii Faannoos ta'ee Shaneen ummata kamuu waan bakka hinbuuneef ummatni Oromoofi Amaaraa obbolummaasaanii cimsanii ittifufuu akka qaban dhaamaniiru.

Hundaa ol murnoonni kunniin badii dalagaa jiranitti gaabbaniin gara nagaatti yoo deebi'an balbala nagaaf baname akka hincufanneefi harka nagaaf diriirsee akka hindachaafanne hubachiisaniiru.